

**XIINXALA GARAAGARUMMAA LOOGAA BARATOOTAAFI
BARSIIISOTAA HAALA MANA BARUMSAA SADARKAA LAMMAFFAA
(9-10) GODINA WALLAGGAA LIXAA, AANAA HAARUU IRRATTI
XIYYEEFFACHUUN**

QORATAAN:

MARGAA AMANTEE TEESSOO

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO FI HOGBARRUU GAMISAAN GUUTTACHUUF,
YUUNIVERSITII JIMMAA, KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAA FI
NAMOOMAA, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OG-BARRUUTTI
DHIYAATE**

HAGAYYA, 2021

JIMMA

**XIINXALA GARAAGARUMMAA LOOGAA BARATAA FI BARSIISSAA
HAALA MANA BARUMSAA SADARKAA LAMMAFFAA(9-10) GODINA
WALLAGGAA LIXAA, AANAA HAARUU IRRATTI XIYYEEFFACHUUN**

QORATAAN:

MARGAA AMANTEE TESSOO

GORSAAN: Dr. TASHOOMAA BALAAYINAA

GORSAA GARGAARAAN: Dr. ALAMAAYYOO FAQQADAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO FI HOGBARRUU GAMISAAN GUUTTACHUUF,
YUUNIVERSITII JIMMAA, KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAA FI
NAMOOMAA, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OG-BARRUUTTI
DHIYAATE**

HAGAYYA, 2021

JIMMA

YUUNIVERSITII JIMMAATTI
DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAATIIN BOODDEE

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun gamisaan guuttachuuf **Margaa Amantee** tiin mataduree: xiinxala garaagarummaa loogaa barataa fi barsiisaa haala manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa (9-10) Aanaa Haaruu jedhurratti qophaa'e.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____	Mallattoo _____	Guyyaa _____
Qoraa Keessaa _____	Mallattoo _____	Guyyaa _____
Gorsaa _____	Mallattoo _____	Guyyaa _____
Gorsaa Gargaaraa _____	Mallattoo _____	Guyyaa _____

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: **Margaa Amantee Teessoo**

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Galata

Duraan dursee deemsa karaa koo hundumaatti isaa na eegee kanaaf na gaheef Waaqayyoof galanni bara-baraan haata'uuf. Itti aansuudhaan mata-duree naaf qorannoo naaf kenname qixa sirrii ta'een akkan hojjedhuuf gorsaafi waantota barbaachisan kan tumsa naaf taasisan, Gorsaa koo Dr. Tashoomaa Baliyaanaa fi Gorsaa gargaaraa Dr. Alamaayyoo Faqqadaa tiif ulfinnii fi kabajni ani qabu jechoota kanaan oli umurii dheeraa, nagaafi fayyinni guutuu akka isinii ta'uuf isin eebbiseera. Maatii koo fi hiriyyoota koo ganna Afur waliin turre fi karaa adda addaatiin deeggersa na barbaachisu kan na kennaniif galanni koo guddaadha. Itti aansuudhaan barattootaa fi barsiisota Aanaa Haaroo tumsaa naa taasistaniif Waaqayyo isaan haa ebbisuu.

Axareeraa

Qorannoon kun kan inni ka'umsa godhate garaagarummaa loogaa barattootafi barsiisota gidduu jiru daree barnoota keessatti dhiibbaa inni qabu xiinxaluu dha. Haala itti fayyadaminsa loogaa kan barattootaafi barsiisotarratti rakkooleen jiran adda bahanii yoo qorataman barsiisonniifi barattootaaf hubannoo gahaa ni kenna jedhee waan itti amanameef qorataan qorannoo adeemsisee jira. Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa addaa addummaan loogaa hariiroo barataafi barsiisaa irratti qabu maal akka ta'e ibsuun furmaatasaa barbaaduudha. Qorannoo kun kan irratti xiyyeeffatu barattoota kutaa salgaffaafi kurnaffaa, akkasumas barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Sadarkaa lammaffaa (9-10) Aanaa Haaruuti. Qorannoo kanaaf malli iddattoo filatame iddatteessuu mit-carraadha. Haaluma kanaan barsiisota looga addaa addaa irraa dhufan 7 fi barattoota 241 irraa ragaan sassaabameera. Tooftaalee funaansa ragaleef oolan keessaa daawwannaa, bargaaffiifi afgaaffiitti gargaaramuun odeeffannoon qorannoo kanaa akka sassaabamu ta'eera. Ragaaleen funaanaman mala qulqulleeffataafi safarataatti gargaaramuun jechaafi lakkoofsaan akka ibsaman ta'eera. Argannoo kana keessatti sababa addaa addummaa loogaan irraan kan ka'e daree barnootaa keessatti barattootnifi barsiisotni looga naannoo isaaniitti fayyadamuun odeeffannoon qaama lamaan kana bira ga'u ciccitaa ta'urraan kan ka'e dafanii walhubachuurratti rakkoo akka uume hubatameera. Yaada furmaataa rakkoo kanaaf eerames addaa addummaan loogaa kun wayita uumamutti barattootnis ta'an barsiisonni daree barnootaa keessatti wal gaafatanii wal irraa barachuu akka qaban, akkasumas Yuunivarsiitonni Oromiyaa keessaa looga hawaasa Oromoo Godinaalee garaa garaa keessatti dubbataman bakka tokkotti walitti fiduun loogni waalta'e jiraachuu akka qabu akkasumas, manneen barnootaa keessatti loogni hawaasa naannoo qoratamuun barsiisonniifi barattoonni manneen barnootaa keessatti dubbisani akka hubannoo isaanii guddifatan ta'ee osoo ta'ee gaariidha.

QABIYYEE

BAAFATA

FUULA

Koree Qormaataa.....	i
Waraqaa Mirkaneeffannaa.....	ii
Galata.....	iii
Axareeraa.....	iv
Baafata gabatee.....	viii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1 Seenduubee Qo'annichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	2
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	4
1.3.1. Kaayyoo gooroo.....	4
1.3.2. Kaayyoo gooree.....	4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	4
1.5. Daangaa Qorannichaa.....	5
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	5
BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BARRUULEE.....	7
2.1. Yaadrimee Loogaa.....	7
2.2. Afaaniif Looga.....	8
2.3. Garaagarummaa Loogawwanii.....	10
2.3.1. Looga Naannoo.....	11
2.3.2. Looga Hawaasaa.....	12
2.4. Sadarkaalee Garaagarummaan Looga Afaan Tokkoo Itti Mullachuu Danda'u.....	13
2.5. Aadaafi Afaan.....	16
2.6 Jecha.....	18
2.6.1. Yaadrimee Jechaa.....	18
2.6.2. Filannoo Jechootaa.....	18
2.7. Aadaafi Barnoota.....	19
2.8. Afaan Barnootaa.....	19

2.9. Afaan Waaltawaa.....	20
2.10. Itti Fayyadama Afaanii.....	21
BOQONNAA SADI : MALLEEN QORANNICHAA.....	23
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	23
3.2 Iddattoo fi mala iddatteessu.....	23
3.3. Irraawwatama Qorannichaa.....	24
3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo.....	24
3.4.1. Daawwannaa.....	25
3.4.2. Afgaaffii.....	25
3.4.3. Bargaaffii.....	26
3.5. Tooftaa Odeeffannoon Ittiin Qaacceffamu.....	26
BOQONNAA AFUR : DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAA.....	27
4.1. Qaaccessa Daawwannaa Daree.....	27
4.1.1 Qaaccessa Itti Fayyadama Looga Barattootaafi Barsiisotaa Mana barumsaa sad. 2 ^{ffaa} Aanaa Haaruu kessatti argaman.....	27
4.1.1.1 Qaaccessa Haala Itti Fayyadama Looga Barattootaa Kutaa 9 ffaa.....	29
4.1.1.2 Qaaccessa Haala Itti Fayyadamiinsa Jechootaa Kutaa 10ffaa.....	30
4.1.2. Qaaccessa Haala Itti Fayyadama Jechootaa Kan Barsiisotaa.....	32
4.2. Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii Barattootaa.....	36
4.2.1 Looga Addaa addummaa Qabutti Fayyadamuu Akka M.B.Sad. 2 ^{ffaa} Aanaa Haaruutti.....	36
4.2.2 Deebii Bargaaffii Banaa Barattootaa.....	39
4.2.2.1 Deebii gaaffii 4 ^{ffaa} irratti barattoonni “eeyyee” jedhan jechoota kamfaa akka isaan mudate ilaalchisee.....	45
4.2.2.2 Bargaaffii dhiyaateefiirratti addaa addummaan loogaa yeroo isaan mudatutti haala barachuu isaanii irratti dhiibbaan inni qabu yaada cuunfaa barattoonni kennan.....	49
4.3 Qaaccessa Afgaaffii Barsiisotaa.....	50
4.3.1 Jechoota Barattoonni Itti Gargaaraman Ilaalchisee.....	50
4.3.2 Adda Addummaan Looga Yeroo Barsiisota Mudatu Akkamiin Hubatanii Darbu.....	51
4.3.3 Itti fayyadama Looga Barsiisotaa Keessaa Barattootaaf Ifa Hintane Jiraachuuf Dhiisuu ilaalchisee.....	52
4.3.4 Yaada Furmaataa Rakkoolee Addaa Addummaa Loogaf Barattootni Barsiisotni Eeran.....	53
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA XUMURAA.....	54

5.1 Cuunfaa.....	54
5.2 Argannoo.....	56
5.3. Yaada Furmaataa.....	57
Wabiilee.....	58
Dabalee “A”.....	60
Dabalee “B”.....	61
Dabalee “C”.....	64

Baafata gabatee

Gabatee	Fuula
Gabatee 1 Ragaalee daawwaannaa daree 9 ffaa.....	28
Gabatee 2 Ragaalee daawwannaa daree 10 ffaa	29
Gabatee 3 Yeroo jechoota yeroo daawwannaa	35
Gabatee 4 Deebii bargaaffii 1ffaa	37
Gabatee 5 Deebii bargaaffii 2ffaa	38
Gabatee 6 Daawwannaa dareetiin jechoota dhiyaate	40
Gabatee 7 Deebii bargaaffii 3ffaa	43
Gabatee 8 Deebii bargaaffii 4ffaa	44
Gabatee 9 Deebii bargaaffii 5ffaa	46
Gabatee 10 Deebii bargaaffii 6ffaa	47
Gabatee 11 Deebii bargaaffii 7ffaa	48

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduubee Qo'annichaa

Ga'een afaanii inni guddaan walqunnamtii dha. Crystal (1987,f. 17) akka kaa'utti gaheen afaanii yaada waljijjiiruu, waliigaltee gochuufi yaada barbaadame tokko ittiin dabarsuuf akka gargaaru ibsa. Akka Encyclopedia of Britanica (1995, f. 548) ibsutti immoo afaan kan namoonni ittiin waliigalan; kan aadaa ofii ittiin walbarsiisanidha jechuun ibsa. Walbarsiisuunis kan danda'amu afaanitti fayyadamuun akka ta'e ibsa. Afaan aadaaf eenyummaa hawaasa tokkoo kan ibsu ta'uusaafi hawaasichis aadaasaa kan ittiin ibsatu afaan isaatti fayyadamuun akka ta'es dabalataan ibseera.

Loogni hawaasa bakka garaagaraa jiraatu, afaan tokko dubbatu gidduutti kan uumamudha. Afaanitti hawaasni haaluma naannoo isaatiin waan dhimma itti ba'uuf looga waliinis hidhata akka qabu beekamaa dha. Addaa addummaa kana xiqqeessuuf waaltinni afaanii gahee guddaa qaba. Afaan kuush maatii dubbatu keessaa Uummatni Oromoo isa tokko. Uummatni kunis baay'inaan Itoophiyaa keessatti kan argamu yeroo ta'u Keeniyaa fi Somaaliyaa keessattis ni argamu (Tafarii 1999, f.). Afaan Oromoo afaan ardii Afrikaa keessatti afaan Arabaafi Hawusaatti aanee uummata hedduudhaan bal'inaan akka dubbatamu hayyuulee baay'eetu irratti waliigala (Feyisa 1996: f 86). Afaan Oromoo bal'inaan dubbatamuusaafi akka Itoophiyaatti darbees akka Afriikaatti sadarkaa olaanaan kan dubbatamu ta'uu isaa (Tilahun 1994, f.36) ibseera. Akka Asafaan (2009,f.115) ibsutti Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa, lammaffaa, kolleejjiifi yuunivarsiitiitti afaan barnootaa ta'uun hanga digirii lammaffaatti kan ittiin baratamaa jiruufi afaan sabquunnamtii ta'ee hawaasa afaan kana dubbataniifi tajaajilaa kan jirudha. Ammaan kana amma digirii sadaffaatti (PhD) ittiin kennamuu eegaluu irra darbee kanneen ittiin eebbifamanillee ni jiru. Naannoo Oromiyaattis biiroo adda addaa keessatti afaan hojii ta'uun tajaajilaa kan jiru ta'uu isaas ifaa dha.

Uummatni Oromoo baayyinaan hedduufi daangaan isaas bal'aa ta'e looga garaagaraa kan qabudha. Uummata Oromoof afaan isaa Afaan Oromoo yeroo ta'u Afaan Kush kan maatii afaan Afroo Eeshiyaatikii ta'e jalatti ramadama (Baye 1986, f. 9). Tamane Bitima (2006) immoo Afaan Oromoo biyyoota afrikaa saddetii ol Itoophiyaa, Sudaan, Misira (Ijpt), Eertiraa, Jibuutii, Somaaliyaa, Keeniyaa fi Taanzaaniyaa keessatti akka dubbatamu ibsa.

Afaan Oromoo bakka uummanni Oromoo argamutti kan dubbatamu yoo ta’u, uummatni kunis looga garaagaraa kan qabudha. Mokonnen (2002 ,f.2), qorattootni afaaniis looga afaanichaa kaan saddetitti, kaan shanitti, kaan immoo bakka afuritti akka qoodan ibsee jira.

Feda Negesse (2005) qo’annoowwan dhiyeenya kana (Bender et al.1976; Gragg, 1976; Heine,1980 ; Wako, 1981; Lloret ,1994; Kebede , 1999,2007, 2009) waabeffachuun akka ibsetti looga Oromoo bakka torbatti qoodee kaa’ee jira. Issanis:- Maccaa, Tuulama, Walloo, Raayyaa, Arsii, Gujiifi Boorana. Qoqqoodiinsi kunis loogawwan Oromoo Oromiyaan alaa ykn biyyoota biroo keessatti dubbataman akka hin dabalannes eereera. Qoqqoodiinsi kunis kanneen kana duraa sakatta’uuniifi dhiyeenyatti kan hojjetame ta’uun isaa adda isa godha.

Aanaan Haaruu Godina Wallaggaa Lixaa keessatti kan argamtu yoo taatu Manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa afur qabdi. Barsiisonni Afaan Oromoo manneen barnootaa kana keessatti argaman baay’inni isaanii 17 ta’an keessaa looga naannoo garaagaraa irraa kan dhufani dha. Kanneen keessaa barsiisonni 1 Godina Horroo Guduruu, 3 Godina Shawaa Kaabaafi Lixaa , 1 Godina Arsii, 1 Godina Jimmaafi 1 immoo Harargee irraa kan dhufan walitti qabateera.

Qorataanis barsiisota Godinaalee garaa garaa irraa dhufaniifi barattoota mana barumsaa manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa Guyii, Qakkii, Gurraacha Hallataafi Congee irratti waa’ee adda addummaan loogaa barataa fi barsiisaa bu’uureffachuun qorannoo gaggeesse. Mataduree qorannoo kanaas “Xiinxala Garaagarummaa loogaa barattootaaf barsiisotaa: kutaa barnoota Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa aanaa Haaruu (9-10) irratti kan xiyyeeffate dha”.

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Mataduree “Xiinxala garaagarummaa loogaa barattootaafi barsiisotaa: kutaa barnoota Afaan Oromoo irratti qabu” jedhurratti qorannoo akka gaggeessuuf qoratichaaf ka’umsa kan ta’e, baruufi barsiisuu keessatti barattoonni looga wal fakkaataa ykn looga tokkorraa kan dhufan ta’uus, kaanneen Godina Harargee keessaa qubannaan dhufanis hedduu dha. Barsiisotni immoo godinaalee Oromiyaa looga garaagaraa dubbatan keessaa walitti dhufaniin waan barataniif

garaagarummaan loogaa kun adeemsa baruuf barsiisuu irratti dhiibbaa inni qabu xiinxaluuf yaadameeti.

Akkasumas, yaada hayyoonni loogaarratti dhiyeessan bu'uura godhachuun qorannoon kun geggeeffame. Qorataanis mataduree kanarratti qoraannoo yeroo geggeessu barattoota looga wal fakkaatu dubbatan keessatti barsiisotni looga addaa addaa qaabachuun yeroo kutaa barnoota Afaan Oromooti loogni adeemsa baruuf barsiisuu irratti dhiibbaa inni qabu addaan baafachuufi. Qorannoon kun kan gaggeeffames Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Haaruu keessatti argaman:- Guyii, Qakkii, Gurraacha Hallataa fi Congee (9-10) irratti.

Abdanna (2014) Yuunivarsiitii Wallaggaatti qo'annoo mata duree kana waliin walitti dhiyaatu digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf hojjete irratti akka ibsutti addaa addummaan loogaa barataa fi barsiisaa looga naannoo isaaniitti fayyadamuu isaaniin wal hubannaa isaan gidduu jiru ciccitaa ta'uu isaa irraan kan ka'e dafanii wal hubachuu irratti rakkoo akka uumu eereera. Akka yaada furmaata rakkoo kanaaf inni kaa'uuf yaaluuttis, adda addummaan loogaa barataafi barsiisaa daree barnootaa keessatti yeroo mudatu wal gaafatanii walirraa barachuu akka qabaniifi yuunivarsiitiwwan naannoo Oromiyaa muummee Afaan Oromoo qaban hundi loogawwan hawaasaa godinaalee Oromiyaa bakka hundaa jiran walitti qabuun hubannoo barataa fi barsiisaan looga Oromiyaa maraa barachuu irratti akka hojjechuu qaban ibsee ture. Qorannoon kunis garaagarummaan loogaa barattootaaf barsiisotaa akka manneen barnootaa kanaatti maal akka fakkaatu sakatta'uun bu'aa argame xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha.

Dabalataan qorannoo kana gaggeessuuf waanti qorataa kakaase yeroo ammaa loogotni Afaan Oromoo kitaabolee garaagaraa keessatti bifa hinwaaltofneen waan maxxanfamaniif kun immoo adeemsa baruuf barsiisuu afaanichaa barsiisota maanneen barnootaa tokko keessaa barsiisan gidduutti yeroo kitaaba barataa irratti odeeffannoo dabalataa ida'an qabiyyeen isaanii yeroo gargar ta'utu mullata. Akkasumas, mata duree kana ilaalchisee qorannoon hanga yoonaaatti "Garaagarummaa Loogaa Barataafi Barsiisaa Irratti Qabu Haala Manneen Barumsaa Aanaa Haaruu Sadarkaa Lammaffaa Irratti Xiyyeeffate" kan hin qoratamne ta'uu isaati.

Qorataanis qorannoo kanaa keessatti gaaffilee bu'uuraa kanneen armaan gadii deebisuuf yaale.

1. Akka Manneen Barumsaa Sadarkaa lammaffaa Aanaa Haaruutti akkaataan itti fayyadamiinsa loogaa barattootaafi barsiisotaa maal fakkaata?
2. Akka Manneen Barumsaa Sadarkaa lammaffaa Aanaa Haaruutti addaa addummaan loogaa adeemsa baruuf barsiisuu keessatti hammam dhiibbaa geessiseera?
3. Akka barattootaaf barsiisota Manneen Barumsaa Sadarkaa lammaffaa Aanaa Haaruutti yaadni furmaataa maal ta'uu danda'a?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa xiinxala garaagarummaan loogaa barattootaafi barsiisotaa haala Mannen Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Haaruu irratti xiyyeeffate qaaccessuudha.

1.3.2. Kaayyoo gooree

- ✓ Akka Manneen Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Haaruutti akkaataa itti fayyadama loogaa barattootaafi barsiisotaa adda baasuu.
- ✓ Akka Manneen Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Haaruutti addaa addummaan loogaa adeemsa baruuf barsiisuu keessatti dhiibbaa hammamii akka geessise adda baasuu.
- ✓ Akka barattootaaf barsiisota Manneen Barumsaa Sadarkaa lammaffaa Aanaa Haaruutti rakkoolee karaa gama garaa garummaa loogaan mul'ataniif furmaata isaa eeruu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon tokko wayita gaggeeffamu qaamota garaa garaa ni tajaajila. Bell (2004:31) waa'ee barbaachisummaa qorannoo yeroo ibsu namoota qorannoo gaggeessaniif carraa akka banu, hubannoo namootaas akka guddisu, akkasumas dhugaa jiru hubachuudhaaf kan nama fayyadu ta'uusaa dubbata. Haaluma walfakkaatu kanaanis bu'aa qorannoo kanaatti namoota qorannoo bal'aafi gadi fagoo dhimma matad uree kana waliin hidhata qaban irratti gaggeessaniif odeeffannoo barbaachisaa ta'e kennuu ni danda'a. Rakkoolee karaa addaa addummaa loogaan nama mudachuu danda'an irratti barsiisonni haaraan mana barumsaa kanatti ramadaman haalli

itti fayyadaminsi loogaa kan barattoota mana barumsaa kanneenii maal akka fakkaatu dubbisani hubannoo gahaa akka argataniif kan gargaarudha. Akkasumas barattonni Manneen Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa hojii qorannoo kanatti gargaaramuun looga Afaan Oromoo akkoo wal hubannaa barattootaaf barsiisota gidduutti uumamu ni hirrisa.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu eessaa ka'ee eessa ga'ee akka dhaabbatu beekuun hojii qorannoo tokko saffisiisuuf nama gargaara. McNabb(2008:85) daangaa qorannoo tokkoo ilaalchisee yeroo ibsu qabiyyee qorannoo, bakka qorannoofi haala waliigala qorannoon tokko keessatti hammachuu qabu irratti kan bu'uureffate ta'uusaa ibsee jira. Qorannoon kun kan gaggeefamu Godina wallagga lixaa Aanaa Haaru manneen barumsaa Sadarkaa Lammaffaa barattoota kutaa (9-10) baratan akkasumas barsiisota Afaan Oromoo kutaa salgaffaafi kudhanaffaa barsiisan irratti xiyyeeffate dha. Matadureen qorannoo kanaas "xiinxala garaa garummaan Loogaa Barattootaafi Barsiisotaa Haala Manneen Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa irratti kan xiyyeeffate" dha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun "xiinxala garaagarummaan Loogaa Barattootaafi Barsiisotaa Haala Manneen Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Haaru irratti kan xiyyeeffate" dha. Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barataafi barsiisaan looga addaa addummaa qabanitti wayita fayyadamanitti hariiroon lamaan isaanii gidduu jiru maal akka fakkaatu adda baasuun amantaa qoratichaati.

Haata'u malee qorannoo kana gaggeesuuf erga wixineeffamee booda halli addunyaa fi biyyi keenya keessa dabartee fi hanga har'aatti jiru qorannoo kanaaf danqaa uumuun hanqinoota armaan gadii qaqqabsiiseera. Isaan keessa warri muraasni:-

- Weerara COVID 19 addunyaa mudateen barnootni fi sochiin hawaasaa adda cituun isaa akka barataa fi barsiisaa haala ga'aa ta'een hin arganne taasisuu.
- Tasgabii dhabuu siyaasa nannoo bakka qorannoon kun itti geggeeffamee.
- Tajaajilli wal quunnamtii kan akka interneetii, bilbilaafi geejjibaa yeroo dheeraaf adda cituu irraan kan ka'e qorataan bifa barbaadameen odeeffannoo argachuufi sochii gochuu dadhabuu.

- Kitaabilee wabii argachuu dhabuu.
- Mata duree qorannoo kanaan wal fakkii hojjetame akkasumas kanneen walitti dhufeenya dhiyoo qabaniifi waanti akka muuxannootti irraa ilaalamu dhibuunis rakkoo tokko ture.

Haata'u malee rakkoolee armaan olitti qabatamaan mudatan akka jiranitti ta'ee rakkoolee kana salphisuun qorannicha gaggeessuun danda'ameera.

BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BARRUULEE

Akkuma maqaa isaarraa hubachuun danda'amu, sakatta'i barruu hojiiwwan garaa garaa duraan dhimmicha irratti yookiin mataduree sana waliin hidhata qaban irratti hojjetaman sakattau'uudha. Yaaduma kana kan cimsu McNabb(2008, f. 374) yeroo ibsu sakata'a barruun waa'ee mataduree tokkoo irratti waanta isa walfakkeessu irratti ibsa kennuu, bifa waraabbiitiin yaada beektotaa fudhachuun madaaluu, walmormisiisuun akka ta'e ni addeessa. Haaluma kanaanis qorataanis waantota mataduree kana waliin hidhata qaban bifa armaan gadiitiin ilaaleera.

2.1. Yaadrimee Loogaa

Hayyoonni garaa garaa jecha looga jedhuuf hiika adda addaa kennaa turaniiru. Hiika loogaaf kenname keessa Hornby (2006, f. 420) yeroo kaa'u "Dialect is the form of language that is spoken in one area with grammar, words and pronunciations that may be different from other forms of the same language" jedha. Akka yaadni Hornby ibsutti looga jechuun afaanuma tokko keessatti garaagarummaa sadarkaa seerlugaa, jechaafi sagaleessuurratti addaa addummaa uumamuu danda'u looga jechuu akka ta'e ibsa.

Akkasumas, Asafaan (2009, f.113) hiika loogaa bifa armaan gadiitiin ibseera. Loogni afaan walitti dhufeenya dhabuutiin ykn walirraa fageenya teessuma lafaatiin, walumaagalatti qunnamtii dhabiinsa afaan saba tokkoo keessatti kan uumamudha. Afaan kamiyyuu looga qabaachuu ni danda'a. Afaan Oromoos looga qaba. Looga Maccaa, kan Booranaa, kan Ituufi Humbannaa, kan Tuulamaa jechuun qooduun ni danda'ma jedha.

Afaan tokko sababa adda addaa irraan kan ka'e loogawwan garaa garaa ni qabaata. Garaagarummaan looga afaan tokkoo haala lamaan akka uumamuu danda'u (Hudson 1980, f. 95) ibsee jira. Inni tokkoffaan looga naannoo yeroo ta'u, loogni akkasii kun kan uumamu namootni afaan tokko dubbatan haala taa'umsa lafaafi sababa adda addaatiin walirraa fagaatanii kan jiraatan gidduutti kan uumamudha. Inni lammaffaan immoo looga hawaasaa yeroo ta'u loogni akkasii kunis kan uumamu hawaasa tokko keessatti qooda, sadarkaafi gita hojii namootni qaban irraa ka'ee akka uumamuu danda'u lafa kaa'ee jira.

Wiirtuu jildii 10^{ffaa} (2005) ibsutti afaan tokko guddate jedhamuuf waaltinni afaanii yoo jiraate malee sadarkaa afaan tokko toora guddinaarra deemee guddachuu qabu dhabuu akka danda’u ibsa. Kitaabni kun yaaduma kana keessatti afaan kamiyyuu looga adda addaa akka qabu ibsuun namoonni looga adda addaa dubbatan salphaatti waliif galuu kan danda’an loogni loogota afaanicha keessa jiran hundaafuu walakkeessa ta’e yoo uumamedha. Kunis loogota jiran keessa akka giddugaleessaatti kan walitti ba’e ta’uu akka qabu ibseera. Loogni akka gidduu galeessaatti uumamu kunis loogota jiran keessaa filatamee kan guddatu akka ta’e ibsa. Loogni kunis looga olaanaa kan jedhamu akka ta’eefi looga barreeffamaa akkasumas loogota dubbattoota hundaafuu salphaatti galuufii danda’u akka ta’e bal’inaan ibsa (f. 55).

Yaada kanarraa waanti hubatamu looga addaa addummaa qabanirratti namootni afaan tokko dubbatan, bakka garaa garaa jiraatan haala salphaa ta’een wal hubachuurratti rakkoon akka uumamuu danda’u namatti mul’isa. Kanaafuu haala waliin dubbii keessatti namni wayita dhimma ta’e tokko irratti yaada yeroo wal jijjiiru yaada walii hubachaa yoo deeme wal hubannaan sirrii ta’e jiraachuu akka danda’u nama hubachiisa. Kun ta’uufis waaltinni jechootaa hawaasa bakka adda addaa jiru gidduu yoo jiraate salphaatti walhubachuun odeeffannoon dubbataarraa ka’ee gurra dhaggeeffata seenu osoo hin ciccitiin haala barbaadameen darbuu akka danda’u yaada olii kanarraa hubachuun nidanda’ama.

Walumaagalatti yaadrimee looga kanarraa akka hubachuun danda’amutti hawaasni afaan tokko dubbatu haala jireenya isaa keessatti walirraa fagaatee jiraachuurraan kan ka’e rakkoon maalii akka uumamu danda’u nama yaadachiisa. Keessumattuu looga naannoo sadarkaa jechaatti rakkooleen heddummachuu akka akka danda’udha.

2.2. Afaaniif Looga

Trugill and Chambers (2004) saayinsiin waa’ee loogaa qo’atu xiinlooga akka jedhamu barreeffama isaanii keessatti waa’ee afaaniifi loogaa walbira qabuun wayita ilaalanitti ibsanii jiru. Loogaaf hiika wayita kennan, loogni afaanirra sadarkaa gadiirratti kan argamu, naannoo tokkotti daanga’ee kan dubbatamufi dhimma barreeffamaaf kan hinoolle ta’uusaa ni addeessu. Afaan immoo looga irra olaantummaa kan qabu naannoo bal’aatti kan dubbatamu ta’uusaa walbira qabuun ibsa (f. 3). Akka yaada beektota kanaatti afaan loogarra olaantummaa kan qabuufi loogni immoo afaanirra sadarkaa gara gadiitti kan argamu ta’uusaa hiika isaan kennan

kanarraa hubachuun kan danda'amudha. Hudson (1996) afaaniifi loogni bal'ina qabaniin addaa addummaa akka qaban ibsa. Kunis afaan loogarra bal'inaafi guddina kan qabu ta'uusaa ni ibsa. Afaan akka waliigalaatti looga ofkeessatti kan hammatu ta'ee, garaagarummaan jiru sunis looga jedhamuu akka danda'u ibseera. Hudson afaaniifi looga wayita waliin dorgomsiiisu sadarkaa afaaniifi loogaaf kennamu walbira qabuudhani. Fakkeenyaaf, Afaan Ingliffaa waalta'ee jiru kitaabaa keessatti fayyadamnee jirru kun looga osoo hintaane afaan akka ta'e akka fakkeenyaatti kaasee barreesseera. Garaagarummaa jiru keessatti haala idilee ta'een hojii barreeffamaaf kan itti hinfayyadamne yoo ta'e garuu kun looga akka ta'etti adda baasuun ibsa (f. 32). Hiikni afaaniifi loogaaf karaa hayyuu kanaan kennames yaadota "Trugil"lfi "Chamber" waliin kan walfakkaatu ta'ee Hudson immoo afaaniifi loogni haala bal'ina isaaniin tajaajila kennaniin adda bahuu akka danda'an itti dabalee ibsuun afaan kan manneen barnootaa keessatti afaan barnootaa ta'uun kan tajaajilan ta'uusaa addeesseera .

Akka Jhingran (2005, f. 18) ibsutti afaaniifi looga akka tokko hintaanetti addeessa. Afaan naannoo bal'aa keessatti bifa waalta'aa ta'een kan dubbatamufi hawaasa bal'aa kan tajaajilu dha. Loogni immoo hawaasa daangaa tokko keessa jiraatu biratti otoo hin waalta'iin kan tajaajila walqunnamtiif hawaasni itti gargaaramaa jiru jechuun addeessa. Dabalataanis yaaduma kana waliin kan deemu Kinsellan (2010, f. 3) garaagarummaa afaaniifi loogaa wayita ibsu afaan seera bal'aa ta'e kan akka seerlugaa, qubeessuufi jechoota namoonni biroo ittiin walqunnaman ta'uusaa ni tarreessa. Loogni afaan keessatti kan hammatamu ta'uusaa ni ibsa. Yaadni namoota kana lamaanii wal haafakkaatu malee Jhingran (2005, f. 18) hayyoonni xiinqooqaa hedduun garaagarummaa afaaniifi loogaa adda baasuun ibsuun rakkisaa akka ta'e dubbachuu isaanii ibsee jira.

Walumaagalatti yaada armaan olii kanarraa waanti hubatamu garaagarummaa afaaniifi loogarratti yaadni lama jira. Inni tokkoffaan maalummaa afaaniifi loogaa irratti hayyoonni xiinqooqa adda addaa hiika kennuurratti rakkisaa akka ta'eefi waanti sirriitti ittiin adda bahee beekamu nama rakkisuu isaati. Kunis bakka tokko tokkotti afaaniifi looga waanti isaan tokko godhuufi gargar isaan baasu jiraachuu isaati. Yaadni inni lammaffaan immoo garaagarummaa qabaachuu isaanii yeroo ta'u, afaan naannoo bal'aatti akka waliigalaatti hawaasni bal'aan kan itti gargaaramuufi loogni immoo sababa daangaatiin hawaasa muraasa biratti kan ittiin dubbatamu ta'uu isaa yaadonni olii kun akka waliigalaatti nama hubachiisu.

Akka Tamane Bitima (2006) ibsutti immoo gama wal fakkaattii isaanii yookiin loogawwan afaan tokkoo keessa jiran hammam akka walitti dhiyaatan hubachuuf, malawwan ittiin dhimma ba'an keessaa inni tokko jecha hundee (basic words) dha. Jechoonni kun dhibba keessaa torbaatamafi isaa gadi yoo wal fakkaatan afaan tokko jedhaniiti ramadamu jedha. Yoo immoo torbaatamaa ol ta'an afaanota garaa garaati jedhu jechuun kaa'a. Dhugaan jiru tokko garuu, afaanonni tokko tokko kan jechoota isaanii keessaa torbaatamaa ol wal fakkaatanii fayidaa siyaasaaf jecha akka afaan lamaatti kan ramadanis ni jiru jedha. Fakkeenyaaf :- Afaan Ispaanyaa fi Afaan Poorchugaalii, Afaan Noorwee fi Afaan Siwidiinii, Afaan Cheekii fi Afaan Isiloovaakiyaafaa eera.

2.3. Garaagarummaa Loogawwanii

Loogni tokko looga naannoo biraarraa garaagarummaa akka qabaatuuf sababa kan ta'an jiraachuu ni danda'a. Akka Jhingran (2005, f. 15) jedhutti loogni naannoo tokkoo isa naannoo biraarra sababa adda addaatiin akka garaagarummaa qabaatu ni ibsa. Garaagarummaan kunis sababa walirraa fagaachuu hawaasaati. Afaan hunduu garaagarummaa akka qabuufi kunis sadarkaa jechaafi seera afaanii irratti akka ta'e ni ibsa. Bender (1976, f. 90) loogni naannoo biraarraa wayita addaa addummaa qabaatu odeeffannoon dubbataa biraarraa ka'ee dhaggeeffataa bira ga'u guutuu akka hintaaneefi odeeffannoon dhaggeeffataa bira ga'u ciccitaa akka ta'u barreesseera. Yaadota namoota lamaanii kanarra hubachuun kan danda'amu garaagarummaan loogaa kan uumamuu danda'u sababa walirraa fagaachuu hawaasaa irraa kan ka'e uumamuu akka danda'udha. Dabalees adda addummaa loogaa irraan kan ka'e haala waliin dubbii keessatti odeeffannoon dubbataarraa ka'ee gurra dhaggeeffataa wayita seenutti odeeffannoon dhaggeeffataa bira ga'u guutuu osoo hintaane ciccitaa ta'uu akka danda'u agarsiisa .

Kanumaan kan walqabatu garaagarummaan loogaa sababa walirraa fagaachuutiin hawaasa Oromoo biratti akka mul'atu Wiirtuu jildii 10ffaa (2001) ni ibsa. Garaagarummaan kunis looga Booranaa, Gujii, Arsii-Baalee, Harargee, Karrayyuu, Walloo, Raayyaa, Maccaafi Tuulamaa akka ta'e eera. Garaagarummaan loogaa sadarkaa jechaatti yoo jiraates jechootni sun yaadrimee tokkoof akka oolanis ni ibsa. Fakkeenyaaf jecha 'anqaaquu' (Maccaa), 'buphaa' (Tuulama), 'killee' (Harargee, Arsii-Baaleefi Karrayyuu), 'okookkaa' (Boorana) jechuun hawaasichi akka

dhimma itti ba’u tarreesseera. Garaagarummaa kana xiqqeessuuf waaltinni gahee guddaa akka qabus tuqeera (f. 188).

Yaadni armaan olii kun hawaasni afaan tokko dubbatu sababa garaagaraatiin walirraa fagaatee wayita jiraatutti garaagarummaan loogaa uumamuu akka danda’uufi loogni uumaman kunis yaadrimee tokkoof akka ooluu danda’an ta’uusaa kan namatti agarsiisudha.

Hudson (1996, f. 38) afaan tokko keessatti loogni karaa lama uumamuu akka danda’u ibseera. Isaanis: looga naannoofi looga hawaasaati. Isaa kunis akka armaan gadiitti dhiyaatu:

2.3.1. Looga Naannoo

Hudson (1996, f. 38) Loogni akkanaa kan uumamu namoonni afaan tokko dubbatan haala taa’umsa lafaa fi sababa adda addaatiin walirraa fagaatanii jiraatan gidduutti kan uumaudha jechuun eera. Wiirtuu jildii 10ffaa (2001, f. 189) Uummatni Oromoos biyya Itoophiyaa keessaa kallattii arfanuun fageenya adda addaarra waan jiruuf loogawwan akkanaa uumaman bal’inaan ni uumamu jechuun ibseera. Sabni Wallaggaa “damma, naga, koo ...” yoo jedhu kan Harar ammoo “dayimma, nagaya, kiyya...” akka jedhan ni tarreesa. Yaadonni olitti tuqaman kun loogni naannoo hawaasni haala jiruufi jireenya isaa keessatti sadarkaa walirraa fagatee jirutti akka meeshaa walqunnamtiitti kan itti gargaaramu ta’uusaa namatti agarsiisa.

Akka Tamane Bitima (2006) ibsetti loogawwan Afaan Oromoo irratti qorannoon hingodhamne jedha. Akka beektonni loogaa ibsanitti Afaan Oromoo loogawwan gurguddaa afuritti qoodama jechuun ibsa. Isaanis :- Maccaa (looga lixaa), Tuulamaa (looga giddu galeessaa), Hararii fi Karayyuu (looga bahaa), Arsii, Booranaa, Guyii (looga kibbaa) yoo ta’an loogawwan afaan Oromoo kunniin dimshaashatti kan jedhaman malee kan qorannoon ballinaan irratti godhame akka hin taane yeroo ibsu fakkeenyaaf loogni Arsii kan Harargee fi kan Tuulamaa wajjin wal bira qabamee akka hin qoratamne haa ibsu malee, (Gosaa Nagaash (2016) waraqaa qorannoo digirii lammaaffaa guuttachuuf loogawwan Arsiifi Harargee xiinxaluuf yaalera.) kan Walloo fi Raayyaa ramaddiin isaanii akka hin beekamne ibsa. (Gregg,1982; Stroomer, 1987;Owins,1985).

Akkasumas, Tamane Bitima (2006) qorannoo isaa looga Walloo irratti geggeesse irratti loogni Walloo garaa garummaa xixiqqaa of keessaa qabu ibsa. Garaa garummaan kunis, waanuma afaan mara keessatti argamu jedha. Akkasumas, loogni walloo bakka sadiitti akka qooda. Isaanis:-

Jiillee, Daawwee fi Baatii jedhamu jedha. Jiilleen yeroo tokko tokko looga Tuulamaatti yoo aanu, Baatiin immoo irra caalaa looga Hararitti akka aanu ibsa. Warri Jiillee akkuma Tuulamaafi Maccaa tarree lakkoofsa “_ffaa”-n ijaaru. Fkn. tokko- tokkoffaa, lama- lammaffaa, sadii-sadaffaa...jedhu. Warri Baatii immoo akkuma Oromoo Harar “_eessa”-n jedhu. Lama-lammeessa, sadii - sadeessa, afur - afreessa... jedhu.

Kan malees, warri Jiilleefi Daawween lakkoofsa 11-19 akkuma Tuulamaa, Maccaa, Hararii fi Arsiitti dubbatu jechuun kaa’a. kudha takka / tokko, kudha lama, kudha sadii ... jedhu. Warri Baatii garuu, akka Oromoo Boranaatti lakkaawu. Fkn. kudhan – kudhanii takka, kudhanii lama, kudhanii sadii ... asirratti jedha “– ii” -n “ – fi” waliin tokko ta’uu ishee hubachuun nama hin dhibu.

Tamane Bitima (2006) akka qorannoo isaatiin ibsetti loogni Oromoo Walloo sadanuu akkuma kan Oromoota Harar jecha gidduu “h” galchu. Fkn. bahuu, nagaha, nuhi...jedhu. Akkasumas, Oromoonni Walloo akkuma Oromoota Wallaggaa bakka tokkotti iddoo “ch” “sh” buusu. Fkn “bulchuu – bushuu”, “oolchuu – oolshuu” galchu. Bakka maqaa qabeenyaa (possessive pronoun) loogni Walloo kan Tuulamaa, kan Arsii, kan Booranaa fi kan Hararfaa wajjin hidhata qaba. Loogawwan Afaan Oromoo keessaa kan bakka maqaa qabeenyaa, kan dhiiraa fi dhalaa addaan hin baafne looga Maccaa qofaa dha. Loogni Maccaa dhiiraanis dhalaanis “koo” jedha. Loogawwan Oromoo hundi garuu “koo/kiyya, too/tiyya, keenya/teenya, kan/tan” jedhu. Loogni Walloos kana sirriitti addaan baasa. Fkn. “abbaa koo/kiyyaa, obboleessa koo/kiyya” akkasumas immoo, “haadha tiyya/too, obboleettii tiyya/too’ yeroo jedhu, Oromoon Maccaa garuu “abbaakoo, haadha koo, obboleettii koo, obboleessa koo” jedha.

2.3.2. Looga Hawaasaa

Hudson (1996,f. 41) garaagarummaan loogaa kan uumamu sadarkaa looga naannoo qofaatti akka hintaaneefi garaagarummaan sadarkaa looga hawaasaa gidduutti akka uumamu danda’us ibseera. Loogni akkanaa kun kan uumamu hawaasa keessatti qooda, sadarkaafi gita hojii namoonni qaban irraa ka’ee uumamuu akka danda’uu fi namoonni sababoota garaa garaatiin naannoo turan irraa bakka biraa wayita deemanitti looga duraan fayyadamaa turan irraa kan adda ta’etti yeroo fayyadaman kan uumamu ta’uusaa ni ibsa. Yule (2006, f. 218) loogni hawaasaa baay’inaan kan inni irratti xiyyeeffatu dubbattoota naannoo magaalarratti akka ta’e ibseera. Qo’annoo looga

hawaasaa keessatti gareen hawaasa sanaa waanta waliin qooddatan yookiin waanta garee sana tokko isaan godhu akka jirus addeesseera.

Walumaagalatti yaada armaan oliirraa waanti hubatamu dubbattootni afaan tokkoo teessuma lafaatiinis ta'e caasaa hawaasaatiin walirraa fagaachuurraan kan ka'e addaa addummaan loogaa uumamuu akka danda'u namatti mul'isa. Kanneen teessuma lafaatiin fageenya qaban gidduu akkaataa fayyadama afaaniirratti sadarkaa dhamsagaa, birsagaafi jechaatti garaagarummaan jiraachuu akka danda'u ta'uusaati. Kun immoo hawaasa afaan tokko dubbatu gidduutti haalli garaagaraa jiraachuu agarsiisa. Inni biraan immoo garaagarummaan loogawwan afaan tokko keessatti mul'atan kan teessuma lafaatiin qofa bu'uureffate osoo hintaane karaa caasaalee hawaasaanis uumamuu akka danda'u namatti agarsiisa. Caasaaleen hawaasaa kunis umrii, koorniyaa, qabeenya, taayitaa, sadarkaa barnootaafi kanneen kana fakkaatan bu'uureffachuun uumamuu akka danda'u mul'isa. Garaagarummaan fayyadama afaanii haala kanaan argamu immo looga hawaasaa jedhama.

2.4. Sadarkaalee Garaagarummaan Looga Afaan Tokkoo Itti Mullachuu Danda'u

Yaada armaan olii kana bu'uura godhachuun afaan tokko keessatti garaagarummaan loogaa sababa adda addaatiin akka uumamuu danda'u haala armaan gadii kanaan yaada hayyootaa armaan gadii irratti hundaa'uun ilaaluun nidanda'ama. Hudson (1996, f. 42) immoo loogni afaan tokko keessatti sadarkaa garaa garaatti uumamuu akka danda'u ni dubbata. Isaanis: sadarkaa sagaleessuu, sadarkaa seerlugaa, sadarkaa hiikaatti garaagarummaan kun uumamuu akka danda'u bal'inaan ibseera.

Bender (1976, f. 97) addaa addummaa loogaa sadarkaa jechaatti haala adda addaan uumamuu akka danda'u ibseera. Addaa addummaan sadarkaa kanatti mul'atu looga naannoo magaalatti dubbatamuufi baadiyaatti dubbatamu irratti kan xiyyeeffatedha. Bu'uuruma kanaanis haala itti fayyadamiin isaa keessatti kan tokko beeku inni tokko wallaaluun akka jiraatu qorannoo isaaniin mirkaneesseera. Akka fakkeenyaatti wayita kaasan looga baadiyaatti qotee bulaan fayyadamuufi naannoo magaalaa keessatti daldalootni itti fayyadaman kan wal buusu ta'uusaa barreessaniiru.

Inni lammaffaan immoo afaanuma tokko keessa jechi dubbatamu yaadrimee tokko kan qabu ta'ee garaagarummaan sagalee akka jiru ibsaniiru. Inni sadaffaan immoo hawaasa afaan tokko

dubbatu gidduu jechi bakka tokkotti dubbatamu bakka biraatti hiika kan biraa akka qabu haala qarannoo isaaniin mirkaneessaniiru. Yaadni isaanii inni arfaffaan immoo jechootni waliif moggoota ta'an akka jiraatan ibsuun jechootni akkasii kun immoo naannoo tokkotti kan dubbatamu naannoo biraatti kan hin dubbatamne jiraachuusaa ibsaniiru. Akka fakkeenyaatti wayita kaasan jecha saantima digdamii shan jedhu naannoo tokko tokkotti “meezoo”, “sumunii” jedhanii akka dubbatan akka fakkeenyaatti kaasaniiru (f . 97). Yaaduma hayyuu kanaan kan walqabatus hawaasni Oromoo daangaa bal'aa keessa kan jiraatu akkasumas baay'ina kan qabu waan ta'eef garaagarummaan loogaa sadarkaa sagalee, jechaa, seerluga, hiikaafi sadarkaa dhamjechaatti akka uumameeru Misgaanuun (2012 f. 124 - 126) haala itti aanu kanaan ibseera.

Looga Sadarkaa Sagaleetti

Sadarkaa sagaleetti loogni uumamu akkuma qooqawwan garaagaraa keessatti argamu garaagarummaan loogaa kan Afaan Oromoos sadarkaa sagaleetti akka mul'atu addeessa. Fakkeenyaaf jecha “dhadhaa” jedhu yoo ilaalame loogawwan afaan oromoo hedduu biratti haa dubbatamuyyuu malee bakka tokko tokkotti hawaasichi dubbachiiftuu / a / dhaan sagalee /dha / akka bakka buusee itti fayyadamu ni ibsa. Akka fakkeenyaattis wayita kaasu dhufe / ufe, dhabe /abe, nyaadhu /nyaa'u kanneen kun sadarkaa sagaleetti hawaasa Oromoo biratti garaagarummaan loogaa akka uumamuu danda'u ibseera Misgaanu (2012, f .124).

Loogni sadarkaa dhamjechaatti hawaasa Oromoo biratti dubbatamu immoo hedduumina agarsiisuuf kan namoonni itti gargaaraman irraa kan ka'e garaagarummaan loogaa akka uumamuu danda'u ta'usaa Misgaanuun ni dubbata. Fakkeenyaaf, gaaffilee, kitaabolee jedhan kaan immoo gaaffiiwwan, kitaabawwan jechuun akka heddummeessan barreesseera (f .125).

Looga Sadarkaa Jechaatti

Gosni looga inni kan biraan immoo sadarkaa jechaatti looga uumamuu dha. Sadarkaa jechaatti garaagarummaan loogaa isa kaanirraa baay'ee akka heddummatu ibseera. Kunis kan ta'uuf loogawwan adda addaa afaan biroorraa karaa adda addaa jechoota ergifachuu waan danda'uufi dha jechuun ibsa. Afaan Oromoo keessattis garaagarummaan loogaa sadarkaa jechaatti akka mul'atu addeessuun hedduuminni isaallee isa sadarkaa kaanirra baay'ee kan heddummatu ta'usaa ibseera. Garaagarummaa loogaa kana keessatti jechi looga tokko keessatti hiika tokko

qabu looga biroo keessatti hiika biraa yeroo tokko tokko immoo safuu ta'ee hawaasa gidduutti akka argamus akka ni ibsa (f 125).

Looga Sadarkaa Dubbiitti

Garaagarummaan loogaa inni biraan immoo sadarkaa dubbiitti kan uumamu dha. Sadarkaa kanatti akkaataa sagaleessuurraan kan ka'e addaa addummaan loogaa kan uumamuu danda'u jiraachuusaa ibsa. Kunis namni tokko naannoo yookiin hawaasa kam keessaa akka dhufe kan ibsuu danda'udha yaada jedhu kaasa. Fakkeenyaaf naannoo wallagaa keessaa bakka tokko tokkotti namoonni jecha "dhadhaa" jedhu dubbachuuf "a'aa" jedhanii akka dubbatan ni ibsa(f 126).

Looga Sadarkaa seerlugaatti

Itti dabalees garaagarummaan sadarkaa seerlugaatti hawaasa afaan tokko dubbatu naannoo gara garaa jiraatu gidduutti uumamuu akka danda'u ibseera. Kun kan irratti xiyyeeffatu sadarkaa haala ijaarsa caasaa afaanii itti qindaa'u ta'uusaa ibsa. Akka fakkeenyaatti fudhachuun yaada kana waliin walqabsiisee wayita kaasu uummata Oromoo keessaa Booranni Bishaan jigan; Mootummaan kora waamte", Harargeen immoo "bishaan jigde", Shawaan "bishaan jige", mootummaan kora waame " jechuun yaada isaa hawaasichi ittiin ibsachaa akka jiru addeesseera (f. 126).

Looga Sadarkaa Hiikaatti

Inni dhumaa immoo garaagarummaan loogaa sadarkaa hiikaatti kan mul'atu ta'usaafi hiiki jecha tokkoo hiika garaagaraa laachuu akka danda'u yoo ibsu kunis akka fakkeenyaatti wayita addeessu Arsiitti jechi bukkee jedhu saal-lamee Wallaggatti immoo cinaa, maddii, bira akka jedhamu nitarreessa. Dabalataanis sababa adda addaa irraan kan ka'e jechi tokko loogawwan garaagaraa keessatti darbee darbee hiika adda addaafi safuu ta'e osoo qabaatuu ni argama. Akka fakkeenyaattis Misgaanuun (2012, f.127) wayita kaasu jechi "xeerii" jedhu loogawwan adda addaa keessatti hiika mi'a garaa yoo qabaatu, looga gara Arsiitti garuu jecha hiika saalfii/ safuu qabu yookiin qaama walhormaata dubartii akka ta'e ni ibsa. Harargeetti jechi qaata jedhu hennaa darbe kan argarsiisu yeroo ta'u Wallaggaa Lixaatti garuu hennaa dhufu agarsiisa. Kunis, garaagarummaa loogaa sadarkaa hiikatti jiruuf fakkeenya dha.

Walumaagalatti yaadni armaan olii kun kan agarsiisu garaagarummaan loogaa hawaasa afaan tokko dubbatu gidduutti kan uumamu ta'usaafi garaagarummaan loogaa kunis hawaasa Oromoo bakka garaagaraa jiraatu biratti sadarkaa sagaleetti, sadarkaa jechaatti, sadarkaa hiikaatti, sadarkaa duubbii, sadarkaa dhamjechaafi seerlugaatti uumamuu akka danda'u kan namatti agarsiisudha. Yaada olii kana bu'uura godhachuun qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatus sadarkaa jechaatti addaa addummaan loogaa barataa fi barsiisaa gidduutti dhiibbaan inni qabu haala qorannoo kanaan ilaaluun kan danda'amu ta'uu isaan qorataan adda baasuuf qorannoo irratti geggeesseera.

2.5. Aadaafi Afaan

Akka Brown (1987: 164) irratti ibsutti aadaan kan namootni maatii isaaniirraafi hawaasa naannoorraa baratani dha. Aadaan waliigaltee, hubannaa, amantaafi kanneen kana fakkaatan miseensonni garee hawaasa tokkoo kan ittiin amala walii sirreessan, walgaggeessan akka ta'e ibsa. Yaadni hayyuu kanaa aadaan hawaasa keessatti guddatan irraa akkasumas maatii irraa dhalatan irraa kan baratamu ta'usaafi faayidaan inni qabus haala jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti ittiin walbarsiisuuf, walgorsuufi amantaa ofii ittiin gaggeefachuuf kan nama gargaaru ta'usaa namatti agarsiisa. Wayita aadaan faayidaa kanneen kana fakkaataniif oolus kan ittiin dhimma ba'amus afaaniin ta'uun kan hin oolledha. Hawaasnis afaan dhaloota isaa haala naannoo keessatti guddatetti fayyadamuun dhimma akka itti bahu kan nama hin shakkisiisne dha.

Akka kitaabni Encyclopedia Britannica 15 edition vol .16, p. 876 ibsutti "Definition of culture ranging from learned behaviour to ideas in man" jedha. Akka yaada kanaatti aadaan adeemsa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti amala hawaasaa tokkoo kan ta'e yaada hawaasichi sammuu keessaa qabu akka ta'e agarsiisa. Aadaan kun immoo afaaniin ibsama. Afaan yaada namni tokko sammuu keessaa qabuufi akkaataa inni waantota itti yaadu adda baasee kan ibsudha.

Salzman (2007, f.57) afaan qindoomina raawwii fi darbiinsa aadaa akka baattuu ta'ee tajaajila. Afaan matumaa saanuu haala aadaa hawaasichaan akka qindaa'u ibseera. Kin (2005, f. 89) afaan kan ittiin yaadan, walqunnaman, walitti dhufeenyi aadaafi hawaasaa caalaatti kan ifa taasisu ta'uu isaa ni ibsa.

Yule (2006) jecha aadaa jedhu kan fayyadamnu yaadaafi tilmaama waa'ee uumamaa, waantota garaa garaa irratti qabnuufi garee hawaasaatti wayita dabalammu waanta irraatii barru aadaa akka ta'e ni ibsa. Aadaa jechuun adeemsa jireenyaa hawaasummaa keessatti beekumsa argatamu akka ta'e dabalataan addeessa. Hawaasni tokko aadaa guddate keessatti jechoota adda addaatti fayyadamuun waantota adda addaa haala jireenyaa isaa keessatti baraa akka deemu ibseera. Haala guddina aadaasaa keessatti hawaasichi jechootni itti fayyadamnu sun garee kam keessatti akka qoodaman hubaachaafi bakka kamitti akka barbaachisan beekumsa akka horachaa deemaniif aadaan tumsa guddaa akka godhu ibseera (f. 216). Yulen (2006, f. 219) akka fakkeenyaatti waa'ee afaaniifi aadaa yeroo kaasu aadaa guddatame keessatti fakkeenyaaf horii manaa keessaa naannoo keessatti guddatame sana "fardi" yoo hinjiraanne jechi farda sanaaf bakka bu'u hinjiraatu. Haala akkasii keessatti jechootni akkasii wayita nama qunnaman yaadrimeen jecha sanaa akka hubatamuuf jechi sun garee isa kam waliin walitti dhufeenya qaba isa jedhu tilmaama keessa galchuun tooftaa yaadrimee jecha sanaa ittiin hubatamuu danda'u adda baasuun barbaachisaa akka ta'e ni addeessa.

Dabalataanis akka fakkeenyaatti wayita kaasu bakka garaagaraatti jecha hawaasni itti gargaaramu addaa addummaa hedduu akka qabaatus ibseera. Fakkeenyaaf, jecha "saree" jedhu muuxannoo qaburraa ka'ee gareen hawaasa tokkoo jecha kanatti waan fayyadamuufii qaba. Gareen hawaasa tokkoo amala isaan walfakkeessufi jechootni gareen sun itti fayyadamu hiiki isaa garee sanaaf kan walfakkaatuufi addaa addummaa kan hinqabne ta'uusaa bal'inaan ibseera (f.219).

Akka yaada hayyuu kanaatti afaan aadaa akka ibsuufi gareen hawaasa tokkoos haala muuxannoo duraan qaburraa ka'ee haala jedhame sana keessa taa'ee hiika jecha dubbatame sanaaf kennee garee hawaasa sanaa waliin odeeffannoo guutuu ta'e walii kennuuf, jireenyasaanii keessatti waantotni lamaan kun murteessaa akka ta'e mul'isa.

Walumaagalatti waa'ee aadaafi afaanii waliin walqabatani armaan oliitti kanneen hayyoota garaa garaatiin ka'an kun baay'inaan yaadni isaani kan walfakkaatudha. Kunis ilaacha gama aadaafi afaaniif qaban akkasumas qabxiilee lamaan kana walbira qabuun ibsa isaan kennan yaadrimeen isaa tokko ta'uusaati. Yaada hayyoota kana keessa taanee haala aadaafi afaanii wayita kaasnu looga hawaasni tokko naannoo jiraatutti haala aadaasaa ittiin ibsachuuf kan

fayyadamu ta'usaa tilmaamuun kan danda'amu dha. Hawaasni haala jiruufi jireenyasaa keessatti sababa garaagaraatiin walirraa fagaatee jiraachuu akka danda'u armaan oliitti mataduree garaagarummaa loogaa jedhu jalatti ilaalamee jira. Garaagarummaa kana keessatti hawaasni muuxannoo qaburraa ka'ee waa'ee aadaasaa wayita ibsatu looga naannoo isaarraa argate sanatti fayyadamee dhimma itti ba'uu akka danda'u tilmaamuun nidanda'ama.

2.6 Jecha

2.6.1. Yaadrimee Jechaa

Hayyoonni hiika jechaa haala adda addaan hiikaniiru. Crystal (1997, f. 43) hiika jechaaf wayita kennan, qaama himaa ta'ee kan gama lamaaniin bakka duwwaadhaan daangeffamee jirudha jechuun hiika. Hiiki jecha kanaaf kenname kun wayita barreeffamni barreeffamutti cina gama bitaafi mirgaatti bakki hafeefii yeroo haala himaatiin barreeffamutti jecha jechuu dandeenya yaada jedhu qaba. Jurafsky (2000, f. 18) hiika jechaaf wayita kennu immoo jechi afaan dubbii keessatti bakka aara galfannaa bu'uura godhachuun kan dubbatamudha jechuun ibseera. Yaadni hiika kanaa immoo yeroo dubbiin tokko dubbatamu jecha jechaan wayita dubbannu sun jecha ta'usaa mul'isa. Bloomfield (1935, f. 67) immoo yeroo hiiku, qaama xiqqaa walaba ta'e, daangeffamaafi hiika kan qabudha jechuun ibsa.

Hiika hayyoonni adda addaa kennan gargar haata'u malee yaadni isaanii bakka tokko tokkotti walfakkaata. Jechi qindeeffamoota dhamsagootaa, birsagootaafi dhamjechootaa kan unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaachuu danda'uufi afaan tokko keessatti of danda'ee dhaabbatudha jechuun nidanda'ama.

2.6.2. Filannoo Jechootaa

Akka Geetaachoon (2012, f. 56) ibsutti filannoon jechootaa yaada sammuu keenya keessa jiru dubbiidhaan kan dabarsinu jechootaa yaada keenyaan bakka bu'an filachuudhaani jechuun ni ibsa. Jechootaa kanas bakka lamatti qoodeera. Isaanis jechootaa idileefi al-idileeti. Jechootni idileerra caalaan isaanii galmee jechootaa keessatti kanneen argamaniifi guyyaa guyyaatti jechootaa itti fayyadamnu, jechootaa waaltinaafi dhaabbilee yookiin waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa keessatti yeroo hedduu kan itti gargaaramnudha. Jechoonni al-alidlee immoo haala

idilee keessatti jechoota nuti itti hinfayyadamne kanneen akka looga hin waaltofne, jechoota gareefi jechoota afaan biroo akka ta'an nitarreessa.

Yaadni armaan olii kun waanti tokko wayita haasa'amu yoomessa mataasaa danda'e akka qabuufi yeroo dhimma wayiirratti haasa'amus jechoota filachuun barbaachisaa akka ta'e namatti agarsiisa. Barataas ta'e barsiisaan daree barnootaa keessatti jechoota idilee ta'an filachuun itti gargaaramuu akka qaban irraa hubachuuf kan nama gargaarudha. Jechoonni isaan itti fayyadamuu qabanis jechoota waaltawoo guuboo jechootaarratti qubatanii jiran ta'uu akka qabus kan nama hubachiisudha.

2.7. Aadaafi Barnoota

Salzmann (2007, f.57) daree barnootaa afaanii keessatti aadaan bakka guddaa akka qabu ibsee jira. Akkuma afaaniifi aadaan hariiroo cimaa qabu afaan barsiisuun aadaa waliin walqabsiisuun barsiisuun barbaachisaa akka ta'e ni ibsa. Itti dabalees adeemsa baruufi barsiisuu gaggeeffamu keessatti barsiisaan waan barsiisu qofa osoo hintaane waan barattootni aadaa isaaniirraa baranii jiranis beekuu akka qabu barreesseera. Yaadni kun barsiisaan afaan barsiisu tokko aadaa afaanichaa, aadaa barattootaa waliin walbira qabuun afaan barsiisuu akka qabu nama hubachiisa. Dabalataan afaan barachuun aadaa afaanichaa beekuun akka walqabatuufi namni tokko afaan barate kan jedhamu akkaataa aadaa afaanichaatti ergaa yoo dabarfachuu danda'e ta'uusaa namatti mul'isa. Salzmann (2007, f. 59) jechoota afaan tokkoo barachuu keessatti akkaataa aadaa mataasaatti yoo walitti qindeessee dubbate dogoggora uumuu akka danda'u ibseera. Sababni isaas jechootni afaan tokkoo akkaataa aadaa isaaniitti wayita qindaa'anitti addaa addummaa qabaachuu akka danda'u ni ibsa. Kanaafuu barsiisaan afaan barsiisu aadaa afaanichaan, afaan hawaasni bal'aan dubbatuun barsiisuu akka qabus ni addeessa.

2.8. Afaan Barnootaa

Akka Kensella (2010, f. 3) jedhutti afaan barnootaa jechuun afaan daree barnootaa, afaan dirree hojii, afaan barreeffamaafi afaan madaalliidha jechuun ibsa. Afaan kun jechoota filatamoo, seerluga, haaldubbii (discourse) fi itti fayyadama dandeettiiwwan afaanii waliin walqabatan walsimsiisuun daree barnootaa keessatti kan itti fayyadamnudha jedha. Itti aansuun immoo afaan

kun afaan dareen ala bifa al-idileetiin bakkeetti haasa'amu irraa adda akka ta'es ni ibsa. Afaan mana barumsaa keessatti dubbatamu, jechoota barnootaan hidhata qaban ta'uusaa ibsee jira.

2.9. Afaan Waaltawaa

Yule (2006, f. 210) afaan waaltawaan namoota baay'ee biratti kan beekamu, afaan hojii ta'ee hawaasa kan tajaajilu, afaan barreeffamaa ta'ee kitaabilee, galaalcha, miidiyaa fi hojii barnootaaf bal'inaan kan hojiirra oolee jiru yoo ta'e afaanichi afaan waaltawaa akka ta'e ibsa.

Akka Jhingran (2005, f. 45) ibsutti daree barnootaa keessatti yeroo baay'ee barsiisonni tokko tokko afaan tokkoffaa isaanii akka waliigalaatti afaan waaltawaadha jedhanii akka isaan fudhatan ibsee jira. Garuu afaan tokkoffaan afaan barsiisaafi barataan sun daangaa jiru keessatti hawaasa keessa jiraaturraa argatudha jechuun ibsa. Afaan waaltawaan immoo akka waliigalaatti hawaasa waltaasisuuf, yaada tokko qooddatee akka waliin jiraatuuf kan fayyadu ta'uusaa ibsa. Dabalataanis manneen barnootaa tokko tokko keessatti afaan tokkoffaa itti dhalatanii guddatan daree barnootaa keessatti akka fayyadaman wayita ibsutti rakkoon tokko tokko akka mul'atus ni ibsa. Rakkooleen kunis barattootni daree keessatti looga naannoo (local dialect) akka isaan fayyadamanii afaan waaltawwatti immoo wayita dubbisa dubbisan akka itti fayyadaman ni eera. Akka Wiirtuu jildii 10ffaa (2005, f.24) ibsutti meeshaa namoonni baay'een beekan tokkoon hojjechuun isa namoonni muraasni beekan akkuma caalu, afaan namoonni baay'een beekan tokko tajaajila walqunnamtiif oolchuuf afaan waalta'e gahee kan qabu ta'uusaa ibsa.

Kinsella (2010, f. 1) immoo afaan waaltawaan afaan hawaasni garaa garaa dhimma itti ba'u tokko akka waliigalaatti tokko kan taasisudha jechuun ni ibsa. Kunis adeemsa waaltinaa hordofuun galmee jechootaatti makuun hawaasa tokko taasisuun kan tajaajiludha. Jechootni galmee jechootaatti makaman kunis looga sadarkaa dubbiitti itti gargaaramaa turame amma immoo bifa waaltawaatiin kan guuboo jechootaatti makatani dha jechuun ni ibsa.

Wiirtuu jildii 9ffaa (2001, f.196) ibsutti afaan waalta'e guddina saayinsiifi teekinooloojii ariifachiisuuf afaan hin waaltofnerrra ni,caala jechuun ibsa. Adeemsa jiruufi jireenya keenyaa keessatti hawaasa waliin walqunnamtii sirriifi guddina barbaadamu bira gahuuf afaan waalta'etti fayyadamuun barbaachisaadha jedha. Dhimma tokkoof furmaata kennuun kan danda'amu waliigalteen yoo jiraate dha. Akkasumas namoonni odeeffannoo barbaadan argachuuf

walqunnamtiin sirrii ta'e kan jiraatu afaan waalta'etti wayita faayyadamanidha jechuun ni addeessa.

Walumaagalatti yaadni armaan olii kun afaan waaltawaan hawaasa tokko kan taasisu guddina saayinsiifi teekinooloojii, siyaasaafi diinagdee irratti gumaacha kan qabu ta'uusaa namatti mul'isa. Bakka tokko tokkotti ilaalchi dogoggoraa akka jiraatus namatti agarsiisa. Fakkeenyaaf afaan waaltawaafi hinwaaltofne akka waliigalaatti tokkodha jedhanii fudhachuun qabxii kana keessa jiraachuusaa nama hubachiisa.

2.10. Itti Fayyadama Afaanii

Kinsella (2010, f.2) itti fayyadama afaanii wayita ibsutti barsiisaan afaanicha qajeelaan abboommachuun (mastery of language) barattootni daree barnootaa keessatti hirmaannaa ho'aa akka isaan godhan ni taasisa. Kanaafuu itti fayyadamni afaanii murteessaa akka ta'e ni ibsa. Kunis kallattii adda addaan afaan barnootaa itti faayyadamuun gochoota daree keessatti dalagaman bal'isanii ibsuu, yaadota tokkummaafi garaa garummaa qaban walmormisiisuuf walqunnamtiin sirrii ta'e barataafi barsiisaa gidduu jiraachuu akka qabu ni addeessa. Jhingran (2005, f. 64) daree barnootaa keessatti barattootni afaan daree keessatti barnootni ittiin kennamaa jiruun akka itti gargaaraman, haala addunyaan keessa jiru akka ittiin dubbatan, waan ifa hintaaneefii afaanichaan gaafachuun dhimma itti bahuu akka qaban ibseera. Haala itti fayyadama afaanii keessatti barsiisaan barataa waliin walitti dhufeenya uumuun barattootni kaka'umsaan barnoota isaanii akka hordofaniif tooftaa garaa garaatti gargaaramuun waan daree keessatti dalagamu irratti hubannoo gahaa akka isaan argachuu danda'an ibseera. Daree barnoota afaanii keessatti haala mijataa uumuu kan danda'u barsiisaa daree seenee barnoota afaanii kennu sana akka ta'es dabalataan ibseera. Kanumaan kan walqabatu loogawwan manneen barnootaa keessatti dubbataman ilaalchisee Walfram (1999, f.10) barataafi barsiisaa gidduutti dhiibbaan tokko tokko akka mul'achuu danda'u barreeffamasaa keessatti ibseera.

Haata'u malee rakkooleen akkasii wayita uumamanitti barsiisaan jechuma sanaan kan bakka bu'anitti gargaaramuun ibsa itti kennuu akka qabuu ni dubbata. Tooftaan kunis garaagarummaa barataafi barsiisaa gidduu jiru xiqqeessuuf, hubannoo barattootaa guddisuuf kan fayyadu ta'uusaa ibseera.

Yaadni armaan olii kun haala itti fayyadamiinsa afaanii keessatti jechootni daree barnootaa keessatti barsiisaafi barataan itti gargaaramu murteessaa akka ta'efi barsiisaan daree seenee barsiisu afaan barnootichi ittiin kennamu sana abboommachuu akka qabu namatti mul'isa. Yoo kana ta'uu baate hirmaannaan barattootaa laafaa akka ta'uufi rakkoon walhubannaa gidduu lamaanitti uumamuu ni danda'a yaada jedhu namatti mul'isa. Dabalataanis barsiisaan afaan barsiisu tokko hirmaannaan barattootaa akka cimuuuf, gahumsi barattootaa kallattii adda addaan akka dagaaguuf haala mijataa uumuun barsiisaarraa akka eegamu nama hubachiisa. Akkasumas aadaa barataafi barsiisaan keessatti guddatan tokko ta'uu dhiisuu ni danda'a, wayita kanatti barsiisaan haala aadaa barattootni keessatti guddatan hubachuun haala mijeessuun akka isarraa eegamu yaada oliirraa hubachuun kan danda'amudha.

BOQONNAA SADI : MALLEEN QORANNICHAA

Qorannoon tokko yeroo gaggeessinu dursinee qorannicha maaliif akka gaggeessinu, akkamiin akka gaggeessinu, maal irratti akka xiyyeeffatuufi mala kamiin yoo fayyadamne kaayyoo barbaadne bira ga'uu akka dandeenyu adda baasuu barbaachisa. Qorannoo kana gaggeessuu keessatti maddi ragaa tokkoffaa barsiisotaafi barattoota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa aanaa Haaruuti. Adeemsa funaansa ragaa keessatti cheekliistii qopheessuun daree barnootaa seenuun daawwannaan ni gaggeeffameera. Malli iddattoo qorannoo kana keessatti hojiirra oole iddattoo miti-carraadha. Odeeffannoon funaanames mala safarataa fi qulqulleeffataa (makaa) gargaaramuun qaaccessame.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf kallattii raawwii qorannichaa maal akka ta'uu qabu, dhimmoota qorannicha keessatti akka bu'uuraatti ilaalaman maal akka ta'e hubachuu barbaachisa. Akkasumas qorannichi maalirratti xiyyeeffachuu akka qabu adda baasanii beekuun qorannichi bifa barbaadameen raawwachuuf kan gargaarudha.

Akka Guptan (2007: 74) ibsutti "Research design is an arrangement of the essential conditions for collection and analysis of data in a form that aims to combine relevance to research purpose with economy in the procedure" jedha. Kunis saxaxni qorannoo tokkoo haalatti odeeffannoon funaanamuufi qaaceffamu tartiibeffachuurratti kan xiyyeeffatu ta'uusaa agarsiisa. Victor (2009 : 203) saxaxni qorannoo tokkoo qorataan eessa akka jiruufi garammitti qorannicha akka gaggeessu beekuuf kan gargaarudha jechuun ibsa.

Adeemsa qorannoo kana keessatti qorataan mala safarataa fi qulqulleeffataa ykn makaa gargaaramuun odeeffannoon funaanaman jechaafi lakkoofsaan ibsuu yaaleera.

3.2 Iddattoo fi mala iddatteessu

Qorannoo yommuu geggeeffamaa turetti qorataan iddatteessuu miti carraa fayyadame. Haaluma kanaan, qoratichi gosa iddateessuu miti carraa keessaa iddateessuu akkayyoo (kaayyefamaatti) dhimma baheera. Sababni isaas mala iddatteessuu akkayyoo Addunyaan (2011:67) akka ibseetti, "Qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa

argachuu danda’u murteessu ilaallata” jedha. Akka Dastaan (2013) ibsutti, “yommuu mala akkayyoo fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef- kennitoota itti yaanee filanna. Kanaafis sababa quubsaa qabaachuun barbaachisaa dha.” jechuun ibsa. Sababa iddatteessuun kun filatameef qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorannichaa irratti waan bu’uurefateef ragaa barbaachisoo ta’an kallattiin odeef-kennitoota irraa fudhateera. Haaluma kanaan, qoratichi iddattoo barsiisota mana barumsaa Aanaa Haaruu sad.2ffaa Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} barsiisaa jiran baay’inni Dhiira 12fi dhalaa 5 waliigala 17 keessaa dhiira 6 fi dhalaa 1 walitti barsiisota 7 kanneen looga addaa addaaraa dhufan filatee odeeffateera. sababni barsiisotni kun filatamaniif immoo looga nannoo qorannoo kanaa irraa adda ta’e keessaa kanneen dhufaniifi kallattiimaan waan qorannoon kun isaan ilaallatuufi. Barattoota mana barumsaa sad.2ffaa (9-10) Aanaa Haaruutti baratan dhiira 1256 fi dhalaa 1163 walii gala 2419 keessaa barattoota dhiiraa 125 fi dhalaa 116 walii gala barattoota 241 fudhachuun mala iddatteessuu akkayyootti gargaaramuun qoratichi dhimma baheera.

3.3. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun Godina wallaggaa lixaa, Manneen Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Haaruu barattoota kutaa salgaaffaa fi kudhanaffaa barataniifi barsiisota barnoota Afaan Oromoo kutaa kanneen barsiisan irratti dha.

3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Hojii qorannoo tokkoo gaggeessuuf, akkasumas rakkoolee jiran adda baafachuuf meeshaaleen qorannoo ittiin funaanamu baay’ee murteessaadha. Kana ilaalchisee Gupton (2007, f. 85) meeshaaleen funaansa odeeffannoo kanneen ta’an kan akka afgaaffii, bargaaffii, marii garee xiyyeeffannaa, daawwannaa, xiinxala dookimantii akka ta’an ni ibsa. Akkasumas, meeshaalee funaansa odeeffannoo safarataatiif tajaajilan bargaaffii akka ta’an dabalataan ni addeessa. Qorataanis odeeffannoosaa barsiisotaafi barattoota irra daawwannaa daree, bargaaffii barattootaafi afgaaffii barsiisotaatti dhimma ba’eera.

3.4.1. Daawwannaa

Daawwannaan qaamaan bakka odeeffannoon itti argamu sana dhaquun qabatamaan odeeffannoo funaannachuu dha. Wiley (1977, f. 179) waa'ee daawwannaan yeroo ibsu, qorataan hirmaattotni qorannoo sanaa yoomessa uumamaa sana keessatti maal akka raawwatan, maal akka jedhan ijaan ilaaluun odeeffannoon mala kanatti gargaaramuun funaanuun akka danda'amu ibseera.

Qorataanis mala kanatti gargaaramuun barsiisotaafi barattootaaf otoo gaaffilee hinqopheessiin dura daree barnootaa seenuun barattootniifi barsiisonni daree barnootaa keessatti looga addaa addummaa qabanitti fayyadamuufi dhiisuu isaanii jalqaba mala kanatti gargaaramuun adda baafachuu danda'eera. Kunis barattootni marii garee keessatti yeroo waliin mari'atan jechoota akkamii akka gargaaramaniifi barsiisaa isaanii waliin yeroo waliin dubbatan jechoota akkamii akka itti gargaaraman, barsiisaanis wayita daree seenee barsiisutti jechoota barattootni beekanirraa addaa addummaa kanneen qabanitti fayyadamuufi dhiisuu isaa/ishee bifa daawwannaatiin odeeffannoo itti siqeenyaan funaannachuu danda'eera.

Daawwannaan gaggeeffames daree barnootaa jiran hundarratti yeroo ta'u baay'inni daree kunneenii Manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa aanaa Haaruu keessa jiran keessaa kutaalee barnootaa $4 \times 4 = 12$ irratti. Daawwannaan kan taasifames ji'a Bitootessaa hanga caamsaatti gaggeeffe.

3.4.2. Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee funaansa odeeffannoo ta'ee gaaffilee odeeffannoo kennitootaaf dhiyaatan irratti deebii (odeeffannoo) gahaa argachuuf kan gargarudha. Gosti gaaffii kanaa afaaniin kan dhiyaatu ta'ee bilchina qorataa kan gaafatudha. McNabb (2008, f. 102) Afgaaffii karaa lamaan gaafachuun akka danda'ama. Isaanis afgaaffii caaseffamaafi mit-caaseffamaadha. Bu'uuruma kanaanis qorataan afgaaffii banaa barsiisota barsiisota Afaan Oromoo Manneen Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa aanaa Haaruu (9-10) barsiisan dhiira 6 fi dhalaa 1 walumaagalatti barsiisota 7 irraa odeeffannoo sassaabateera.

3.4.3. Bargaaffii

Bargaaffiin odeeffannoo kennitootni dhimma gaafataman irratti yaadaafi ilaalcha maalii akka qaban bilisaan akka deebii kennaniif kan gargaarudha. Wiley (1977:171) Gaaffileen odeeffannoo kennitootaaf qophaa'an haala lamaan qophaa'uu akka danda'u kutaa kana keessatti ibseera. Isaanis bargaaffii cufaafi banaa yeroo ta'an gosoota lamaan kanatti gargaaramuun qorataanis odeeffannoo barbaachisu barattoota dhiiraa 125 fi dhalaa 116 walii gala barattoota 241 irraa odeeffannoo sassaabateera.

3.5. Tooftaa Odeeffannoon Ittiin Qaacceffamu

Odeeffannoo qaaccessuu keessatti mala safarataa fi qulqulleeffataa gargaaramuun odeeffannoon funaanaman kutaa kana keessatti ibsamu. Malli kunis odeeffannoon ibsaman lakkoofsaan yoo ta'e mala safarataa, yoo jechaan ta'e immoo mala qulqulleeffataatti gargaaramuun odeeffannoo qaaccessuun ni danda'ama. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011, f.70) waa'ee funaansaafi qaaccessa odeeffannoo safarataa fi qulqulleeffataa haala gadiin ibseera.

Odeeffannoo safarataa bargaaffii, afgaaffii caaseffamaafi waan kana fakkaatan funaanaman lakkoofsaan gabatee, giraafii, taatoo, chaartiifi waan kana fakkaatan keessatti dhiyaachuu nidanda'a. Kanarratti hundaa'uun qaaccessuun nigaggeeffama. Odeeffannoo qulqulleeffataa daawwannaa, afgaaffii hincaaseffamne, xiinxala dookimentii, marii garee xiyyeeffannootiin funaanama. Odeeffannoon kunis jechaan ibsama. Haala tokkoo gadi fageenyaan ibsuurratti gahee guddaa qaba.

Qorataanis yaaduma olii kana bu'uura godhachuun odeeffannoo barattootaa fi barsiisotarraa argate mala safarataafi qulqulleeffataa (makaa) tiin qaacceseera.

BOQONNAA AFUR : DHIYEESAAFI QAACCESSA RAGAA

Loogni afaan tokko keessatti garaagarummaa sadarkaa dhamsagaa hanga hiikaatti kan mul'atudha. Bu'uuruma kanaan qorataan Mana Barumsaa sadarkaa Lammaffaa Aanaa Haaruutti addaa addummaa loogaa sadarkaa jechaatti barattootaafi barsiisota biratti mul'atu ilaalchisee ragaa funaaneera. Adeemsa ragaa funaansaa keessatti daawwannaa daree yeroo garaa garaa gaggeessuun barattootniifi barsiisonni Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti haala itti fayyadama jechootaa isaanii adda baasuuf ragaaleen funaaneera. Itti aansuun immoo haala daawwannaa kanarratti hundaa'uun bargaaaffii barattootaafi afgaaffiin immoo barsiisotaaf qophaa'ee ragaalee argaman irratti hundaa'uun immoo haala armaan gadiitiin qacceffameera.

4.1. Qaaccessa Daawwannaa Daree

Qorannoo kanaaf karaa odeeffannoo ittiin sassaabame keessaa tokko daawwannaa dareeti. Daawwannaa dareetiif cheekliistiin qabxiilee shan of keessa qabu qophaa'eeyeroo garaa garaatti ji'a Bitootessaa hanga Caamsaatti yeroo 12 daree barnootaa 9^{ffaa} fi 10^{ffaa} seenuun qabxiilee dhiyaatan irratti daawwannaan geggeefame haala armaan gadiitiin qacceffamee dhiyaateera.

4.1.1 Qaccessa Itti Fayyadama Looga Barattootaafi Barsiisotaa Mana barumsaa sad. 2^{ffaa} Aanaa Haaru kessatti argaman

Akka Geetaachoon (2012, f. 56) ibsutti filannoon jechootaa yaada sammuu keenya keessa jiru dubbiiidhaan kan dabarsinu jechoota yaada keenyaan bakka bu'an filachuudhaani jechuun ni ibsa. Jechoota kanas bakka lamatti qoodeera. Isaanis jechoota idileefi al-idileeti. Jechootni idileerra caalaan isaanii galmee jechootaa keessatti kanneen argamaniifi guyyaa guyyaatti jechoota itti fayyadamnu, jechoota waaltinaafi dhaabbilee yookiin waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa keessatti yeroo hedduu kan itti gargaaramnudha. Jechoonni al-alidlee immoo haala idilee keessatti jechoota nuti itti hinfayyadamne kanneen akka looga hin waaltofne, jechoota gareefi jechoota afaan biroo akka ta'an nitarreessa.

Qorataanis daree barnootaa seenuun akka ilaaletti adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barattootni kutaa salgaffaafi kurnaffaa jechooti isaan daree barnootaa keessatti bal'inaan itti gargaaramaa jiran ilaaluu danda'eera. Barattootni kun qabiyyeewwan garaa garaa keessatti dhimmoota ka'an irratti jechoota ykn looga qabiyyee kitaaba barnootaa isaanii keessa hin jirretti, akkasumas

barattootni kanneen looga naannoo keessaa dhufanii akka fayyadamanii hiriyootaafi barsiisota isaanii waliin dubbatan haala akkamiin akka ta'e daawwannaa taasifamen haala armaan gadiin adda bahee ibsameera. Akka daree barnootaa yeroo adda addaa seenuun daawwatametti barsiisaanis ta'e barataan jechoota addaa addummaa qabanitti yeroo fayyadaman maal akka fakkaatu qorataan ragaa haala armaan gadiin dhiyeesseera. Haala itti fayyadamiinsa jechoota isaanii keessatti garaagarummaan haa jiraatu malee irra caalaa garuu garaagarummaa loogaa yeroo uumamu barsiisotni akka barattootni looga sana hubataniif carraaqqii ni godhu. Haata'u malee, barsiisonnis ajajaaafi ibsa daree keessatti kennan irratti looga nannoo irraa dhufanii ni fayyadamu. Daawwannaa kana keessatti barsiisaan Afaan Oromoo boqonnaafi qabiyyeewwan garaagaraa daree keessatti wayita barsiisu barattootniifi barsiisonni looga addaa addummaa qabanitti wayita fayyadaman haala armaan gadiin adda bahee ibsameera.

Gabatee 1 Ragaalee daawwannaa daree itti fayyadama loogaa barattootaa kutaa 9ffaa

Mataduree/ Qabiyyee	Ajaja Barsiisaa	Daree keessatti itti fayyadama jechootaa karaa barattootaatiin
Miidhaa ilbiisonni qaama beeyladaarratti Fidan	“Silmi to’achuun akkamiin danda’ama”	“Silmi toa’achuun kan danda’amu qaama beelladoota manaa yeroo yeroon toa’achuu dha. qaroon isaa qaama horiirratti hafnaan midhaa irraan geessisuu danda’a”
Hennaa Tarsiiqaa	Himoota hennaa tarsiiqaa agarsiisan barreessi?	Abdiin hoolaa qeepha’e .
Keeyyata Barreessuu	waa’ee jaalalaa waan beektu keeyyata tokko barreessi?	“...Jaalalli yoo nama qabe nama jaallatan sana argachuuf taabii hedduu qaba”

4.1.1.1 Qaaccessa Haala Itti Fayyadama Looga Barattootaa Kutaa 9 ffaa

Gabatee armaan olii irraa waanti hubatamu ajaja barsiisaa kennuufiin yeroo hima ijaaran looga ofii isaani beekan kan kitaaba barataa irra hin jirre kanneen akka **qaroo**, **qeepha'e**, **taabii** jedhan fayyadamaniiru. Yule (2006 f.10) afaan waltawaan namoota hedduu biratti kan beekamu afaan kitaabilee, midiyaafi hojii barnootaaf k.k.f ooludha jedha. Daree barnoota keessatti jechoota isa kamtu waaltawaafi miti jechuun akka afaan Oromootti yoo nama rakkisellee kitaaba barataa keessatti kan hin argamnefi kanneen barattoota harka caalaan hin beekamne ykn naannoo sanatti ballinaan hin dubbatamne akka garaagarummaa loogaatti ilaaluu dandeenya. Haata'umalee, jechootni kunniin haala galumsa isaaniin hima keessatti kan hubataman ta'anis barsiisotni xiyyeeffannoo itti kennuun barattoottaaf akka isaan jechoota kana hubatan gochuuf yeroo carraaqan ni mullata. Kunis carraa barattootnis ta'e, barsiisotni jechoota ykn looga haaraa itti baratan ta'uu danda'a.

Gabatee 2. Ragaalee daawwannaa daree itti fayyadama loogaa barataa kutaa 10ffaa

Mataduree/ Qabiyyee	Ajaja Barsiisaa	Daree keessatti haala itti fayyadama jechootaa karaa barattootaatiin
Hennaa darbe	Hima waa'ee henna darbee agarsiisu barreessaa?	Caaltuun qaawwaa dhaabde.
Afoola/ Sheekkoo	Bineensota kanneen akka waraabessa, leenca, qeerransafi harree keessaa mootiin eenyu jettanii yaaddu?	“Bineensota kanneen keessaa leenci mootiidha. Sababni isaas waan giidoo qabuufi dha” jechuun barataan ibseera.
Toltuufi hiree ishee	Seenaa Tultuu kanarraa maal barattan?	Toltuun saayiba isheetiif illee fakkeenya taaten hubadha.
Guddifachaa	Yaada waliigalaa waa'ee guddifachaa gabaabsii ibsi?	Guddifachaan ijoollee waliif tiruu ta'an keessaa namaaf kennuudha” jedha.

Dubbachuu	Namoota guddina afaaniifi ogbarruu guddisuu keessatti gumaacha godhan keessaa eenyufaa beekta?	Namoota akkasii keessaa hojii dansa ta'e kan hojjetan maqaan isaanii dhahamu Onesmoos Nasiib dha.
Shaakala Barreessuu	Hojii mootummaa yoo qabatte maatii keef waan gochuu qabdu barreesiitii dareef dubbisi?	Hojii mootummaa yoon qabadhe duraan durse haadhakoofi abbaakoon irba itti aansee immoo jireenya koon fooyyessa.
Jireenya baadiyyaafi magaalaa	Baadiyyaa moo magaalaa caala? mee falmii gaggeessaa.	Magaalli ifaajii hinqabu. Waantota adda addaa haala salphaan argachuun ni danda'ama. Gareen baadiyyaa wayita yaadasaanii ibsatan kalqiin waan baadiyyaati dhaqu bitee jireenyasaa ittiin gaggeeffata. Kanaaf baadiyyaatu caala jechuun wal falman

4.1.1.2 Qaaccessa Haala Itti Fayyadamiinsa Jechootaa Kutaa 10ffaa

Ajaja barsiisaa: Barattootni kutaa kurnaffaa barnoota Afaan Oromoo boqonnaa torba keessatti mata duree “Kunuunsa Qabeenya Uumamaa” jedhu keessatti barattootni shaakala dubbisa duraa keessatti qabeenya uumamaa kunuunsuu keessatti sadarkaa uummataatti maaltu raawwatamuu qaba kan jedhuuf akka himan ture.

Deebii barataa: Yeroo kanatti barataan tokko faayidaa qabeenya uumamaa yeroo ibsu “Namni kamiyyuu hanga qiimaasaatti kunuusuutu irra jiraata” jechuun yaadasaa barsiisaa isaatiif ibsa. Haala ibsa barataa kana keessatti jechi “qiimaa” jedhu hiiki isaa hanga humnasaatti jechuudha. Jechi qiimaa jedhu kun jecha ergifannaati malee looga miti. Garuu, kanneen biroo biratti hin beekamu. Jecha kanatti kan fayyadame qubsumaan looga Harargee irraa barataa dhufe dha.

Kanumatti aansuun immoo boqonnaa saddeet keessatti barattoonni gaaffilee dubbisa booda qophaa'aniif deebii akka kennaniif gaaffii gaafatamanii turan.

Ajaja barsiisaa: Waantotni gurguddoon dhibee garaa kaasaa namatti fidan maalfaa dha?

Deebii barataa:

“Namoonni baay’een uzurii baay’isuurraan kan ka’e naannoo isaanii qulqulleesuu dhabuurraan dhufa. Baayinaan rakkoo kanaaf kan saaxilamu **sabiyyootadha**” jechuun deebii isaa goolabe.

“Maatiin qulqullina naannoo isaanii eegu dhabuurraan kan ka’e dhibee kanaaf saaxilamuun ruhiin isaanii darbaa tureera. Rakkoo kanaaf kan nama saaxilu immoo qulqullina naannoo offii eegu dhabuurraan kan ka’edha” jechuun yaadashee hiriyoota isheef ibsite.

Akka Geetaachoon (2012 f.56) irratti ibsutti jechootni al idilee haala idilee keessatti kanneen nuti hin fayyadamne kan akka looga hin waltoffee, jechoota gareefi jechoota afaan biroo irraa ergifaman akka ta’e ibsa. Haala deebii barattoota lamaan kana keessa ammas jechi naannoo isaaniitti beekamu yookiin haasa’amu tokko jiraachuusaa dha. Jechi kunis “sabiyyii” kan jedhudha. Hiiki isaa immoo “daa’imman yookiin ijoollee xixiqqoo ta’an” jechuudha. Itti aansuun jecha “azaafi ruhii” jedhu afaan Arabiffarraa ergifachuun barattuun itti gargaaramteetti. Hiiki jecha kanaas “rakkina” kan jedhudha. Jechi ‘ruhii’ jedhu kun hiiki isaa “lubbuu” jechuudha.

Haala itti fayyadama jechootaa kan barattootaa kanaa yeroo ilaallu daree barnootaa keessatti looga naannoo isaanii cinaatti afaan biroollee kan afaan Arabiffarraa ergifachuun akka afaan Oromootti gargaaramuun dhimma itti bahaa jiraachuu isaanii kan mul’isudha. Akka waliigalaatti hawaasni naannoo Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Haaruu jiraatu amantaan Musliima ta’anfi kanneen Harargee irraa qubattummaan aanaa kana keessatti argaman jechoota Afaan Arabiffaa Afaan Oromootti makuun gargaaramu. Inni kan biraan immoo jechoota ergifannaan addatti kan hawaasa keessa maddan naannoo isaaniitti beekamaa ta’ettis yeroo adda addaa akka fayyadamaa jiran nama hubachiisa.

Daree barnootaa seenuun akka ilaalametti barattootni kutaa kurnaffaa barnoota Afaan Ormoo boqonnaa kudha lama keessatti keeyyata akka barreessaniif kitaabni barataa ni ajaja.

Ajaja barsiisaa: Hima ijoo tokkoon keeyyata tokko akka barreessaa dareef dubbisaa?

Gocha barataa: Yeroo kanatti barataan tokko waa’ee nyaata aadaa “buna qalaa” barreesset ture. Barreeffama isaa keessaa muraasa kan fudhatame “buna qalaan namoota mura qabaniif kan qophaa’udha” jechuun dareef dubbiseera.

Haala itti fayyadama jechootaa isaa keessatti jechi “**muraa**” jedhu hiiknisaa namoota kabajaa qaban yookiin keessummaaf ulfina kennuuf kan jechuu akka ta’e boodarra barsiisaan gafatee adda baafateera.

Ajaja barsiisaa: Sheekkoo “Leencaaf Re’ee” jedhu dhageessan kana tartiibaan afaaniin ibsaa?

Barataan tokko sheekkoo sana otoo seenessaa jiruu “Laga kanas, re’een salphumatti utaaltee yeroo ceetu leenci garuu **giidoo** waan dhabeef hin dandeenye” jedhe.

Ibsa barataa kana keessa ammas haala itti fayyadaminsa isaa keessatti jechi adda ta’e tokko ni mul’ata. Innis jecha “giidoo” jedhu yeroo ta’u hiiki isaa “humna” jechuudha.

Gabaabumatti yeroo garaa garaa haala daawwannaa godhameen barattootni kutaa kurnaffaa akkaataa itti fayyadaminsi jechoota isaanii qabiyyeewwan adda addaa karaa barsiisaatiin dhiyaatuufii keessatti maal akka fakkaatu gabatee gadii keessatti gabaabbatee ibsameera.

4.1.2. Qaaccessa Haala Itti Fayyadama Jechootaa Kan Barsiisotaa

Akka Jhingran (2005, f. 45) irratti ibsutti daree barnootaa keessatti yeroo baay’ee barsiisonni tokko tokko afaan tokkoffaa isaanii akka waliigalaatti afaan waaltawaadha jedhanii akka isaan fudhatan ibsee jira. Kinsella (2010, f.2) itti fayyadama afaanii wayita ibsutti barsiisaan afaanicha qajeelaan abboommachuun (mastery of language) barattootni daree barnootaa keessatti hirmaannaa ho’aa akka isaan godhan ni taasisa. Barsiisonni Afaan Oromoo bakka garaagaraatii hojii baruufi barsiisuuf Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaatii barsiisan jechoota barattootni naannoo isaaniitti beekan irraa adda ta’e kan barsiisonni daree barnootaa keessatti fayyadaman daawwannaa taasifameen qabiyyeewwan garaagaraa irratti akkaataa isaan keessatti dubbatan waliin dhiyaateera. Haalli daawwannaa kanaas akkuma olitti ibsuuf yaalame qabiyyee adda addaa irratti haala itti fayyadaminsa jechoota isaanii maal fakkaata kan jedhu irratti irratti haala armaan gadiitiin akka dhiyaatu ta’eera.

Barnoota Afaan Oromoo kutaa salgaffaa boqonnaa saddeet jalatti mataduree “Sirna Nyaataa” jedhu keessatti barsiisaan barattoota isaa daree keessatti gareetiin qooduun,

Ajaja barsiisaa: Akkaataa dhadhaan nyaataaf ta’u itti qophaa’u tartiibaan ibsaa?

Barsiisaanis deebii barattootaa irratti hundaa’uun walitti qabee yeroo ibsu haala itti aanu kanaan ibseera. “Jalqaba saani ni elmamti - aannan meeshaatti kuufamee ni itita - weessootti naqamee ni raafama - yeroo muraasa booda walitti qabamee dhadhaa ta’a” jechuudhaan afaaniin barattootaaf ibsaa ture.

Jecha barataaf haaraa: Weessoo

Barsiisaan kun wayita ibsa kennu kanatti jecha barattoota biratti hin beekamne tokko itti fayyadameera. Jechi kunis “**weessoo**” kan jedhudha. Barattooni jecha “weessoo” jedhamu kana “**ro’oo**” jedhanii waamu. Ro’oon buqqee hadhooftuurraa kan oomishamu ta’ee hawaasichi aannan ittiin raasee dhadhaa qopheeffachuuf meeshaa itti gargaaramudha.

Inni kan biraan immoo boqonnaa kudha sadii keessatti mata-duree “Aramaa” jedhu jalatti barsiisaan waa’ee aramaa wayita ibsa kennutti

Barsiisaa: Aramaan biqilaa yookiin sanyii facaafame keessatti kan biqilee argamudha. Fakkeenyaaf, qamadiifi garbuun wayita facaafamutti kan keessatti biqilee argamudha. Kana immoo xiqqeessuuf sanyicha **soruu** gaarii ta’a.” jechuun ibse.

Jecha barataaf haaraa: soruu

Ibsa barsiisaa kana keessatti jechi “**soruu**” jedhu kunis barattootaaf haaraadha. Jechi kun barsiisichaaf “sanyicha keessaa kosii jiru qulqulleessuu” jechuu yeroo ta’u barattoota biratti immoo haaraa dha.

Daawwannaa guyyaa ittaanu keessatti Mataduree “Fardaan Gulufuu” jedhu keessatti barsiisaan wayita ibsa kennu:

Ibsa barsiisaa: Aadaa Oromoo keessaa fardaan gulufuun isa tokko ta’ee, kanaaf immoo meeshaaleen barbaachisan gaachana, cafaqaa, ulee... jechuun ibsaa ture.

Jecha barataa biratti haaraa: cafaqaa

Ibsa barsiisaa kanarraa waanti hubatamu jecha barattootni hin beekne kana barsiisaan itti fayyadamaa jiraachuusaati. innis cafaqaa kan jedhu yeroo ta’u barattoota biratti “caroo” jechuun kan beekamudha. Haala itti fayyadaminsa jechootaa barsiisaa keessatti jecha barsiisaan itti

fayyadame kana keessatti barattootni jecha cafaqaa jedhu kana hubataniiru jechuun kan nama shakkisiisudha. Sababni isaas waa'ee aadaa farda gulufuu waliin walqabsiisee jechi itti gargaarame kun barattoota biratti beekamaa miti. Barsiisaa Godina Shawaa Kaabaatii dhufe jecha cafaqaa jedhu gargaarame hiiki isaa ulee qal'aa jechuudha. Jechoota barsiisaan itti gargaarameefi jecha barattootni beekan kana walbira qabnee yeroo ilaallu garaagarummaan jiraachuusaa kan namatti agarsiisudha.

Barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa keessatti mataduree, “Afoola Oromoo” jedhu jalatti:

Ajaja barsiisaa: Sirba yeroo waaffalaa sirbamu barreessatii dareef dubbisaa?

Jecha barataa biratti haaraa ta'e: Waaffala

Yeroo kanatti barsiisaan ajaja isaa keessatti jecha “waaffala” jedhutti fayyadamee ture. Jechi kun Godina Shawaa Kaabaatti kan beekamudha. Hiikti jecha kanaas dabareetiin waliif hojjechuu yeroo ta'u barattoota biratti hiikti isaa tokko haata'u malee jechi waaffala jedhamu kun daadoo ykn jigii jechuun kan beekamudha. Barsiisaan daree sana keessa dhaabbatee barsiisu jecha kanatti yeroo gargaaramu qorataanis jecha waaffala jedhu kana hubachuuf hindandeenye ture. Booda keessa garuu yaadannoo qabate irratti hundaa'uun hiika jecha kanaa bira ga'uuf danda'eera. Haala akkasii kana keessatti barattoonillee hiika jecha sanaa wallaaluu ni danda'u kan jedhu shakkii qorataa ta'eera. Kun immoo bargaaffii araffaa, Gabatee sadaffaa barattootaaf dhiyaate keessatti jechoota kunneeniif hubannoon isaan qaban xiqqaa akka ta'e mirkaneeffachuun danda'ameera.

Yaaduma kanaan kan walqabatu barsiisaan kun yeroo biraattis barattoota isaa waliin waa'ee barnoota dabalataa (tutorial class) irratti beellama barattootaaf qabuuf wayita mariisisutti, torbee keessaa yeroo mara hojjaa duraafi lammataa sa'aatii saddeetiif walakkaatti wal agarra jechuun ibsa kennaaffii ture.

Jecha barataa biratti haaraa ta'e: Hojjaa duraafi lammataa

Yeroo kanatti barattoonni daree keessa hojjaa duraa jechuun maal jechuu akka ta'e gaaffii gaafatanii hubataniiru. Barsiisaanis yaada isaanii hubatee Wiixataafi Kibxata jechuu akka ta'e ibseefi. Daree barnootaatiin ala barsiisaadhumti kun barataa isaa akkas jedhe “Gurbaa gabulaa sana naaf waami” jedhe. Yeroo kanatti barataan hiriyootasaa keessaa tokkoo dhuma isaanii

waame malee waan jedhame sana hubatee hinturre. Booda keessa “gurbaa manatti hirkatee dhaabbatu sanadha” jennaan barataan kun lammaffaa deebi’ee hiriyaasaa kana waame. Haala barataa kanarraa waanti hubatamu jechi barsiisaan isaa itti gargaarame keessaa “gabula” kan jedhu wallaaluusaa namatti mul’isa. Akka barsiisaa sanaatti jechi “gabulaa” jedhu kun hiiki isaa “gabaabaa” kan jechuudha.

Walumaagalatti, haala itti fayyadama jechoota karaa barsiisaatiin raawwatamaa ture kana keessatti jechoota hiiki isaanii adda ta’an, akkasumas barattoota biratti jechootni muraasni kan hin beekanne ta’uunsaa yaadota armaan olii kanarraa hubachuun kan danda’amudha. Jechoonni akkasii kun daree barnootaa keessattiifi dareen alatti barsiisonni wayita fayyadamaa turanitti kan funaanamaa turanidha. Kanumaan kan walqabatu loogawwan manneen barnootaa keessatti dubbataman ilaalchisee Walfram (1999, f.10) barataafi barsiisaa gidduutti dhiibbaan tokko tokko akka mul’achuu danda’u barreeffamasaa keessatti ibseera. Addaa addummaan loogaa jiru kun immoo hariiroo barataafi barsiisaa irratti dhiibbaan inni qabu haala daawwannaa taasifameen qorataan xiinxaluuf yaalameera. Barattoonni hiika jechoota sanaa yeroo wallaalanitti qabiyyee barnoota sanaa irratti xiyyeeffannoo qaban dhiisuun jechoota unki isaanii tokko ta’ee hiika adda addaa kennanitti barsiisaan yeroo gargaaramutti barattoonni barsiisaatti kolfoo, sagalee gadi qabuun asasuufi gumgumuun isaanii daawwannaa taasifameen hubatameera.

Gabatee 3. Yeroo daawwannaa taasifamaa ture jechoota barattootnifi barsiisotni itti gargaaraman bu’uurasaanii

Jechoota Hawaasa sana keessaa maddan		Jechoota afaan biroo irraa ergifaman	
Afaan Oromoo	Hiikasaanii	Afaan Arabiffaarraa	Hiikasaanii
Maraa	dhunguu(jaalalleef)	Kullii	Yeroo hunda
Qeepha’uu	Ittisuu	Zaayira	Waan ifa bahe tokko
Shuuftuu	Kajeeltuu	Kalqii	baay’ina namaa agarsiisuuf
Diqqa	Akka tasaa	Kaddamuu	Gargaaruu
Fardii	Yeroo hunda	Risqii	Faayidaa

Lifaafaa	Feestaalii	Sabrii	Obsa
Taabii	Ifaajee	Qariyaa	Nama mana namaa taa'u
ro'oo	meeshaa aannan itti raafamu	Azaa	Rakkina
Qara	Fagoo	Afootu	Dhiifama
Joortuu	Kakaatuu	Qadaa	Yeroosaatu ga'e jechuuf
Giidoo	Humna	Uzurii	Sababa
Baroo	Gaarii	Qaadiyaa	Amala
Qoroo	itti gaafatamaa	Niyyaa	Fedhii, fedhii
taatiyaa'uu	Nuffuu, dhibaa'uu	Assaduu	Waan afuuraa gochuu
Saayiba	Hiriyaa	Ruhii	Lubbuu
Qaawwaa	Buna danfe(calla)	Muraada	bakka yaadan ga'uu
Aslii	Haaraa	Maasiyaa	nama daba hojjete
Qaroo	Gartokko	Niyyaa	Hawwii
Giroo	Dhimma	Jismii	Qaama
Raatuu	Joonjaa	Qiimaa	Humna

4.2. Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii Barattootaa

4.2.1 Looga Addaa addummaa Qabutti Fayyadamuu Akka M.B.Sad. 2ffaa Aanaa Haaruutti

Bargaaffiin barattootaa addaa addummaa loogaa karaa barsiisaa isaaniin isaan mudatu irratti ilaalchaafi yaada qaban bilisaan akka ibsatan, gaaffilee kennameefi irratti deebii isaanii akka kennan irratti xiyyeeffachuun akka deebisan ta'eera. Deebii barattootaas gabatee keessa kaa'uun, akkasumas bakka barbaachisaa ta'etti fakkeenyoataafi sababoota isaanii waliin bifa armaan gadiin akka ibsamu ta'eera.

Gabatee 4. Deebii bargaaiffii 1^{ffaa}:

Barsiisaan Afaan Oromoo Daree Barnootaa Keessatti Jechoota Barattootni beekanitti Fayyadamuusaa

T/ L		Yeroo hunda		Yeroo tokko tokko		Hin fayyadamu	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk	%
1	Daree barnootaa keessatti barsiisaan Afaan Oromoo jechoota ati beektutti hagam ni fayyadamaa?	32	%13.3	185	%76.6	24	%10

Akka Gabatee armaan olii irraa hubatamutti barattootni harki (%10) barsiisaan daree keessatti yeroo isaan barsiisu jechoota nuti hinbeeknetti gargaarama jechuun yeroo deebisan, barattoonni %13.3 immoo barsiisaan daree barnootaa keessatti jechoota nuti beeknutti gargaaramuun nu barsiisa jechuun deebisan. Harki caalaan barattootaa %76.6 garuu yeroo tokko tokko akka jechoota isaan hin beeknetti fayyadamu deebisan. Yaada barattoota kanarraa waanti hubatamu barsiisaan afaan Oromoo kutaa salgaffaafi kurnaffaa daree seenanii isaan barsiisan haalli itti fayyadama jechoota isaanii keessatti looga barataan hin beekne yeroo tokko tokko akka gargaaramani. Kunis, akka Salzman (2007, f. 59) jechoota afaan tokkoo barachuu keessatti akkaataa aadaa mataasaatti yoo walitti qindeessee dubbate dogoggora uumuu akka danda’u ibseera. Sababni isaas jechootni afaan tokkoo akkaataa aadaa isaaniitti wayita qindaa’anitti addaa addummaa qabaachuu akka danda’u ni ibsa. Kanaafuu barsiisaan afaan barsiisu aadaa afaanichaan, afaan hawaasni bal’aan dubbatuun barsiisuu akka qabus ni addeessa. Kanarraa waanti hubannu barsiisaan yeroo barsiisu waa’ee aadaa fi loogaa xiyyeeffannoo keessa galchuu akka qabudha.

Gabatee 5. Deebii bargaa'ffii barattootaa 2^{ffaa}

Daree barnootaa keessatti barsiisaa jechoota akkamiitti gargaaramuun nu barsiisuu qaba jedhu irratti filannoo barattootaa

T/ L		Jechoota idileetti gargaaramee nu barsiisuu qaba		Jechoota al idileetti gargaaramee nu barsiisuu qaba		Lamaansaatti gargaaramuun nubarsiisuu qaba	
		Lak.	%	Lak.	%	Lak.	%
2	Barsiisaan kee jechoota akkamiitti otoo gargaaramee si barsiisee filattaa?	60	25	8	3.3	173	71.6

Akka Gabatee olii irraa hubatamutti barattoonni harki caalu (% 71.6) barsiisaan daree barnootaa keessatti jechoota idileefi al idilee gargaaramuun otoo nubarsiisee filannanna jechuun deebii kennaniiru. Barattoonni % 25 kan ta'an haalli itti fayyadama jechootaa karaa barsiisaatiin ta'u daree barnootaa keessatti jechoota idilee gargaaramuun ta'uu qaba jechuun deebisaniiru. Barattoonni % 3.3 barsiisaan jechoota al-idileetti gargaaramuun otoo nu barsiisee gaarii ta'a jechuun deebisaniiru. Akka gabateen kun ibsutti barattooni baayyeen isaani barsiisaan jechoota idileefi al idilee fayyadamee otoo isaan barsiisee fedha qabaachuusaaniiti.

Haata'uyyuu malee, akka Wiirtuu jildii 10ffaa (2005, f.24) ibsutti meeshaa namoonni baay'een beekan tokkoon hojjechuun isa namoonni muraasni beekan akkuma caalu, afaan namoonni baay'een beekan tokko tajaajila walqunnamtiif oolchuuf afaan waalta'e gahee kan qabu ta'uusaa ibsa.

Walumaagalatti deebii barattoota kanarraa waanti hubachuun danda'amu barsiisaan Afaan Oromoo wayita isaan barsiisutti haala itti fayyadama jechootaasaa keessatti jechoota waltawoo kan kitaaba irratti beekaman fayyadamuun akkuma jirutti ta'ee looga naannoo isaatti dubbatamuttilllee akka gargaaramuu qabudha. Kunis looga barattootaaf addaa addummaa qabanitti daree barnootaa keessatti barsiisaan faayyadamu bu'aa kan isaaniif qabaatu ta'uusaa yaada barattoota kanarraa kan hubatamudha. Kunis, carraa jechoota biroo baruuf karaa saaqa.

4.2.2 Deebii Bargaaffii Banaa Barattootaa

Barsiisaan jechoota idilee (waltawaa), al-idilee (looga) akkasumas lamaan isaa waliin makuun nubarsiisuu qaba kanneen jedhaan sababa isaanii waliin

Gaaffii barattootaaf dhiyaate irratti barattoonni %71.6 jechoota idileefi al idilee waliin makuun nu barsiisuu qaba kanneen jedhan sababa isaanii yeroo barreessanitti, looga garaa garaa yoo walitti makuun yoo itti gargaaramee nu barsiise jechoota idileen cinaatti jechoota Afaan Oromoo bakka biraatti dubbataman kan isaan hin beekne waliin walbira qabuun jechoota hedduu baruuf akka isaan fayyadu barattoonni muraasni deebii isaanii kennataniiru. Jechoota bakka garaa garatti dubbataman irratti beekumsa gadi fagoo yoo qabaatan barsiisota isaanii bakka biraatii dhufan waliin karaa salphaa ta'een akka walii galuu danda'aniif akka isaan gargaaru deebiisaniiru.

Barattoonni barsiisaan jechoota idileetti gargaaramuun nu barsiisuu qaba kanneen jedhan %25 immoo akka sababaatti kan isaan deebii kennan, karaa itti fayyadama jechootaa kan barsiisaatiin jechoota idileetiin barachuun barnoota kennamuufii sana irratti beekumsaafi hubannoo gadi fagoo ta'e argachuuf akka isaan dandeessisu barattoonni kunniin deebisaniiru. Dabalataan akka sababaatti kan isaan kaasan barnoonni daree keessaafi qorumsi biyyoolessaa jechoota idileerratti kan xiyyeeffatudha waan ta'eef barsiisaan akkaataa itti fayyadama jechoota isaa keessatti jechoota idileerratti xiyyeeffachuun nu barsiisuu qaba jechuun barattoonni deebisaniiru.

Barattoonni jechoota al- idileetti gargaaramuun nu barsiisuu qaba jedhan %3.3 immoo sababa isaanii yeroo ibsatan, looga bakka biraatii dhufan beekuun walitti dhufeenya namootaaf gariidha jechuun sababa filataniifii ibsaniiru.

Walumaa galatti filannoo kennameef irratti deebii barattoonni kennan irraa kan hubatamuu danda'u daree barnootaa keessatti barsiisaan jechoota idileettis ta'e al idilee yeroo fayyadamu lamaan isaayyuu barattootaaf faayidaa kan qabudha. Jechoota hin waaltofne bakka biraatti kan dubbatamu wayita dhaga'anii baran yeroo biraa jechi kun deebi'ee yeroo isaan mudatu hubachuuf akka isaan hin rakkisne ta'uudha. Dabalataan kuufama beekumsa jechootaa akka qabaatan isaan taasisuu isaati.

Jechoota idilee irratti xiyyeeffachuun deebii barattoonni kennan yeroo ilaalamu immoo barnoonni daree keessaafi qorumsi biyyoolessaa jechoota idileerratti waan xiyyeeffatuuf barsiisaa jechoota isaan hin beeknetti daree keessatti nifayyadama yoo ta'e qabiyyee barnootaa kutaa keessatti kennamuufiiratti hubannoo yoo hin qabaanne qabxiin isaanii jalaa gadi bu'uun sodaan isaan qaban ta'uutu hubatama. Kanaafuu barsiisaas ta'e barataan jechoonni akkasii kun yeroo isaan mudatu hiika jechichaa walgaafatanii yoo hubatan beekumsa horachaa deemu.

Gabatee 6. Daawwannaa dareetiin jechoota barsiisonni itti fayyadamaa turan keessaa gaaffilee bargaaffiin dhiyaate

Jechoota barsiisonni itti fayyadamaa turan keessaa funaanuun, jechoota kanaarratti barattootni hubannoon isaan qaban maal fakkaata kan jedhu mirkaneeffachuudhaaf barattoonni hiika jechootaa kanaaa akka deebisaniif gaaffii ja'a kennameefii irratti deebii isaanii bu'aa isaa

T / L	Gaaffiilee armaan gaditti / gaafatamte haala galumsa isaaniirratti hundaa'uun deebii kee filadhu.	Filannoo	Deebii bartootaa		Deebii gaaffichaa	Deebii kanneen argatan		Deebii kanneen hinargatiin	
			Lak.	%		Lak.	%	Lak.	%
1.	Barsiisaan barattoota isaa "abbaltii keessan <u>gulana</u> ilaalla" yoo isiniin jedhe. Hiiki jecha jala sararamee?	A. waaree dura	80	33.1	C	30	12.1	211	87.8
		B. waaree booda	70	29.4					
		C. yeroo dhufu	29	12.1					
		D. Jimaata	61	25.1					
2.	Barsiisaan "gurbaa <u>gabula</u> sana naa waami" jedhe. Hiiki jecha jala sararamee maali?	A.furdaa	182	75.5	D	23	9.5	218	90.5
		B.qal'aa	63	26.3					
		C.dheeraa	65	28.4					
		D.gabaabaa	23	9.5					
3.	Hogganaan mana barumsaa barattootaan "boru <u>warra</u> keessan	A.haadha manaa	160	66.3	D	202	84.4	38	29.5
		B. jaalallee	-	-					

	qabadhaatii koottaa” jedhe. Jechi jala sararame hiiki isaa maal?	C. hiriyyaa	46	18.9					
		D.deebii hinqabu	36	15.2					
4.	Sirbi yeroo <u>waaffalaa</u> sirbamu haamilee namootaa kakaasuuf jecha kan namoonni sirbani dha. Jechi jala sararame hiiki isaa maal?	A.Daaboo	43	17.8	A	51	21.1	190	78.9
		B. Cidha	108	44.7					
		C. Ayyaanaa	29	12.1					
		D.Jalabultii	61	25.2					
5	Bookeen busaa naannoo mana keessaniitti akka wal hin horreef waantota akka <u>qiraacii</u> ofirraa fageessanii gatuun gaarii ta’a.	A. suphee cabaa	112	46.3	A	170	70.5	71	29.4
		B. Waraqaa	31	13.1					
		C.Uffata gatame	58	24.2					
		D.lifaafa	40	16.3					

Gabatee olii kana irratti barattoota dhibbaaf sagaltama filataman kana keessaa gaaffii tokkoffaa gaalee “Barsiisaan barattoota isaan “abbaltii keessan gulana ilaalla” jedhuuf hiika isaa akkaataa galumsa isaatiin kan sirriitti deebiisaa argatan %12.1 yeroo ta’an, kan deebii isaa hinarganne immoo % 87.8 dha. Akkasumas gaaffii lammaffaa jecha “gabula” jedhu irratti akkaataa galumsa isaatiin deebii sirrii kan deebisan %9.5 yeroo ta’an, kan deebiisaa hinargatiin %90.5 dha. Gaaffii sadaffaa irratti jecha “warra” jedhuuf akkaataa galumsa isaatiin deebii sirrii kan deebisan %84.4 kan ta’an yeroo ta’u, deebii sirrii hintaane kan argatan immoo %29.5 kan ta’anidha. Gaaffii afuraffaa jecha “waaffala” jedhuuf hiika sirrii kan deebisan %12.1 kan ta’an yeroo ta’u kan deebii sirrii hindeebisne immoo %87.8 kan ta’anidha. Gaaffii shanaffaa deebii sirrii kan deebisan %70.5 yeroo ta’an. Kan deebii sirrii hin deebisiin immoo %29.5 akka ta’an gabatee sadaffaan kun kan argiisiisu dha.

Yaada armaan olii kanarraa waanti hubatamu gaaffii barattoonni gaafataman keessaa barattoonni tokko tokko deebii isaa kan argatan yoo ta’eyyuu barattoonni garri caalu immoo deebii sirrii ta’e akka hin deebisne kan namatti agarsiisudha. Kun immoo hiika jechootaa sanaa yeroo gaafatamanitti hubannoo waa’ee jechootaa sanaa dhabuurraan kan ka’e ta’uusaa kan namatti mul’isuu danda’udha. Dabalataanis jechoonni olitti tuqaman kun barsiisonni daree barnootaa keessatti yeroo isaan itti fayyadamaa turanitti barattoonni immoo hiika jechootaa kanaa gaafatanii hubachuu dhabuu isaaniis asumaan deebii barattoota kanarraa hubachuun kan danda’amudha.

Walumaa galatti addaa addumaan loogaa hariiroo barataafi barsiisaa gidduutti dhiibbaan inni fidu deebii barattoonni argatan kanarraa tilmaamuuf kan nama dandeessisu dha. Sababni isaas jechoonni unki isaanii tokko ta’ee bakka tokko tokkotti dubbataman naannoo biraatti hiika kan biraa qabaatanii argamu. Bakka tokko tokkotti immoo unki isaanii adda adda ta’ee hiikti isaanii adda adda kan ta’anis kan nama mudatan jiraachuun isaanii beekamaadha. Kun immoo qabeenya hawaasa sanaati. Haata’u malee yeroo murtaa’eef jechoonni akkasii kun dhiibbaa namatti fiduu akka danda’an beekamaadha.

Gabatee 7. Deebii bargaa'ffii barattootaa 3^{ffaa}

Jechoota addaa addummaa qabanitti barsiisaan wayita fayyadamu odeeffannoon barattoota bira ga'u maal akka fakkaatu kan mul'isu.

T/L			lakkoofsaan	%dhaan
3	Otoo barsiisaan kee jechoota addaa addummaa qabanitti fayyadamee odeeffannoon barsiisaa keerraa ka'ee si bira ga'u maal ta'a jettee yaadda?	A. Guutumaa guututti nan hubadha	33	13.8
		B. Odeeffannoo muraasni nadarba	146	60.5
		C. Odeeffannicha guutama guututti hubachuu hin danda'u	62	25.7
		Ida'ama	241	100

Akka Gabateen olii ibsutti barattoonni % 60.5 barsiisaan jechoota nu biratti addaa addummaa qabanitti wayita fayyadamu odeeffannoon nu bira ga'u muraasni na darba jechuun deebii isaanii laataniiiru. Barattoonni % 25.7 immoo odeeffannoo nu bira ga'u guutummaatti hubachuu hin dandeenyu jechuun deebii isaanii kennaniiru. Faallaa kanaan immoo barattoonni %13.8 odeeffannoon nu bira ga'u guutuudha jechuun deebii isaanii kennaniiru.

Deebii barattoota kanarraa waanti hubatamu jechoota addaa addummaa qabanitti barsiisaan wayita daree keessatti fayyadamu odeeffannoon barsiisaarraa ka'ee barattoota bira ga'u ciccitaa akka ta'eefi jechoota akkasii kanatti barsiisaan yeroo fayyadamu odeeffannoo sana hubachuuf immoo barattoonni kan rakkatan ta'uusaati. Barattoota harka caalutti aananii kanneen deebii isaanii kennan immoo addaa addummaan kun karaa barsiisaa isaanii yeroo isaan mudatutti akkaataa barsiisaan isaanii dubbateen hubachuuf kan rakkatani dha. Kun immoo adeemsa barachuu barachuu barattootaarratti hanga ta'e gufuu ta'uu nidanda'a.

Gabatee 8. Deebii bargaaaffii barattootaa 4^{ffaa}

Jechoota barsiisaan itti gargaaramu keessaa unki isaanii tokko ta'ee hiikti isaanii immoo adda adda ta'e (masoo) yeroo garaa garaa keessatti barattoota mudachuu isaa.

T/L		Eeyyee		Lakki		Ida'ama	
		Lak.	%	Lak.	%	Lak.	%
4	Haala itti fayyadama jechootaa karaa gama barsiisaatiin ta'u keessatti jechoonni masoo si mudateeraa?	138	57.4	103	42.6	241	100

Haala Gabatee olii ibsutti barattoonni irra caalaan (% 57.4) akkaataa itti fayyadama jechootaa karaa gama barsiisaatiin ta'u keessatti jechootaa (masoo) unki tokko ta'ee hiiki isaanii immoo adda adda ta'e akka isaan mudachaa ture deebisaniiru. Faalla kanaa kan ta'e immoo barattoonni %42.6 immoo jechoonni unki isaanii tokko ta'ee hiiki isaanii adda adda ta'e akka isaan mudachaa hin turre deebisaniiru. Yaada barattoonni kennan kanaan walqabatee afgaaaffii barsiisotaaf ta'e keessatti jechoonni unki isaanii tokko ta'ee hiiki isaanii immoo adda adda ta'e karaa barattootaatiin akka isaan mudachaa ture ibsaniiru. Yaada barsiisota kanaas, waa'ee addaa adummaa loogaa irrati yaada isaanii wayita ibsataniitti haala baruufi barsiisuu keessatti yeroo tokko tokko jechoota unki isaanii tokko ta'ee hiiki isaanii immoo nuuf adda ta'etti wayita barattoonni fayyadaman nu mudatee beeka jechuun dubbataniiru. Akka fakkeenyaatti fudhachuun kan isaan kaasan keessaa jechoota kanneen akka "qara, mura, qaawwaa, bukkee, jedhaman kun yerootti nu mudatetu jira jechuun yaada isaanii ibsataniiru. Inni kan biraan immoo jecha barattoonni fayyadaman keessaa kan 'qara' jedhu dha. Jechi kun barsiisota biratti waan nama muru akkasumas waan nama waraanuu danda'u tokkoof akka itti gargaaraman ta'uusaa kaasu. Dabalataanis daree barnootaa keessatti akka carraa ta'ee waa'ee haftee barattootaa irratti to'annoo otoo gaggeessaa jirani jecha qara jedhu kana barattoonni yeroo isaan itti fayyadaman isaan mudachuusaa ni dubbatu. Barsiisaan yaada keenne kun akka ibsetti, nuti yeroo tokko tokko

yeroo waa'ee oolmaa ijoolleerratti sababa maaliif mana barumsaarraa akka oolan yeroo gaafannutti “Inni/Isheen qara deemte” jechuu dhaan barattoonni isaanii deebii akka deebisaniif illee barsiisonni kun deebii isaanii keessatti ibsataniiru. Jechi ‘qara’ jedhu kun akka galumsa isaatti yeroo ilaallu barattootaaf “karaa” jechuuf akka ta’e booda baruu danda’eera jechuun mudannoo isaa ibse.

Yaada barattootafi barsiisota kanarraa waanti hubatamu daree keessatti haalli itti fayyadama jechoota isaaniirratti jechoota unki isaanii tokko ta’e hiiki isaa immoo addaa adda ta’e wal walii saaniirra akka isaan mudachaa turedha. Kunis jecha barsiisonni beekan barattoonni wallaaluu akkasumas immoo jecha barattoonni beekan irratti barattoonni hiikasaarratti akka quba hin qabaanne ta’uusaati. Kun immoo unki isaanii tokko yoo ta’eyyuu hiiki isaanii addaa addummaa kan qabu ta’uu agarsiisa.

Walumaa galatti yaadota barsiisonnifi barattoonni kaasan kanarraa waanti hubatamuu danda’u jechoonni unki isaanii tokko ta’ee hiikti isaanii immoo adda addummaa qaban daree barnootaa keessatti yeroo nama mudatanitti akka nama rakkisuu danda’an tilmaamuun kan danda’amudha.

4.2.2.1 Deebii gaaffii 4^{ffaa} irratti barattoonni “eeyyee” jedhan jechoota kamfaa akka isaan mudate ilaalchisee

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti daree barnootaatti barsiisaan yeroo barattoota barsiisu jechoota adda addaa itti gargaaramuun isaa kan hinoolle dha. Hojii qorannoo kanaa keessatti jechoonni unki isaanii adda adda ta’an hiika isaanii hubachuuf kan barattoota rakkise jiru mudachuu ilaalchisee deebii barattoonni kennan jechoota kanneen akka sore, tiruu, bal’oo, muraa, bukkee, warra kanneen jedhaman akka ta’an dha. Jechoota barattoonni tuqan kun hiika isaan biratti beekamuufi barsiisaa isaanii biratti beekamu addaa addummaa kan qabaatudha. Jechi ‘sore’ jedhu barattoota biratti “bokkaan robe” jechuun kan beekamu yeroo ta’u barsiisaa isaanii biratti immoo “midhaan kosiirraa adda baasuu” jechuun beekama. Akkasumas jecha ‘tiruu’ jedhuuf obbolaa lamaan haadhaafi abbaa tokkorraa dhalatan jechuuf kan itti fayyadaman yeroo ta’u barsiisaa biratti garuu jechi kun qaama namaafi horii keessatti kan argamudha. Inni kan

biraa immoo jechi ‘bukkee’ jedhu barsiisota biratti jecha saalfii ta’ee saal lamee ta’uun beekama. Barataa biratti garuu jechi akkasii kun cina jedhamuun beekama. Kanaafuu jechoonni barsiisaan itti gargaaramu muraasni barattoota biratti hiika kan biraa kan qabuufi kan barattootaas barsiisaa isaanii biratti hiika addaa kan qabu ta’uusaa namatti kan agarsiisudha.

Gabate 9. Deebii bargaaffii barattootaa 5^{ffaa}

Jechoota addaa addummaa qabanitti barsiisaan yeroo gargaaramu hiika jechootaa hubachuu irratti dhiibbaan jiraachuufi dhibuu isaa.

T/L		Filannoo	Lak.	%dhaan
5	Jechoota addaa addummaa qabanitti barsiisaan yeroo gargaaramu hiika jechoota sanaa hubachuu irratti haala akkammiitu jira?	A.Baayee ni cima	59	24.7
		B.Hanga ta’e ni cima	169	70
		C.Baayee salphata	5	2.1
		D. Ni salphata	8	3.1
		Ida’ama	241	100

Gabatee olii kanarraa waanti hubatamu barattoonni %70 barsiisaan daree keessatti jechoota addaa addummaa qabutti yeroo gargaaramu hiika jecha sanaa hubachuun hanga ta’e akka cimuu deebii isaanii kennaniiru. Barattoonni %24.7 immoo baay’ee akka cimuu deebii isaanii kennaniiru. Faallaa yaadota lamaan olii kanaa kan ta’e immoo barattoonni % 3.1 ta’an jechoota addaa addummaa qabanitti barsiisaan yeroo gargaaramu hiika jechootaa hubachuun namatti hin cimuu ni salphata jechuun deebii isaanii laataniiru. Barattoonni % 2.1 immoo addaa addummaan jechootaa karaa gama barsiisaatiin yeroo nu mudatutti hiika jechichaa hubachuun salphaadhumatti ni danda’ama jedhaniiru.

Yaada barattoota kanarraa waanti hubatamu barsiisaan daree keessatti jechoota addaa addummaa qabanitti yeroo gargaaramu hiika jechoota sanaa hubachuun hanga ta’e akka isaan rakkisuu danda’udha. Qabxii kanarrattis barattoonni harki caalu yaada isaanii kennuu isaaniiti. Itti aansuun immoo barattoonni muraasni jechoonni akkasii kun yeroo nama mudatanitti baay’ee akka cimuu danda’an ta’uusaati. Walumaagalatti jechoonni addaa addummaa qabanitti barsiisaan

yeroo gargaaramutti hiika jechichaa yeroo sanatti hubachuuf kan isaan rakkisu ta'uusaati. Kun immoo haala barachuu barattootaa irratti dhiibbaa fiduu ni danda'a.

Gabatee 10. Deebii bargaaffii barattootaa 6ffaa

Jechoota barattootaaf addaa addummaa qabanitti barsiisaan yeroo gargaaramu barattoonni haala kamiin hubatanii akka darban.

T/L		Filannoo	Lak.	%dhaan
6	Looga addaa addummaa qabanitti barsiisaan ni fayyadama yoo ta'e yadrimee jechichaa hubachuuf maal gochuu qabda?	A.Hiika jechichaa yeroo dhuma sana barsiisaa gaafadheen hubachuu qaba	148	61.6
		B.Adeemsa keessa nama biraa gaafadheen hubachuu qaba	67	27.8
		C. Hin gaafadhu	26	10.6
		Ida'ama	241	100

Gabateen olii kan mul'isu barattoonni harki caalu (%61.6) barsiisaan jechoota isaaniif addaa addummaa qabutti yeroo itti gargaaramu hiika jechichaa hubachuuf barsiisaa isaanii gaafachuu akka qaban deebii isaanii kennaniiru. Barattoonni %27.8 immoo adeemsa keessa jechoota nutti ulfaatan kana namoota biroo gaafannee hubachuu qabna jedhaniiru. Barattoonni %10.6 ta'an immoo akka hin gaafanne deebisaniiru.

Yaada barattoota kanarraa waanti hubatamu barsiisaan jechoota barattoonni quba hin qabnetti yeroo gargaaramu, yaadrimee jecha sanaa hubachuuf akkasumas qabiyyeen barnootichaa irratti kennamaa jiru salphaadhumatti hubachuuf battaluma sanatti barsiisaa gafatanii hubachuun gaarii akka ta'edha. Qorataan yeroo garaa garaa keessatti daree seenee yeroo daawwachaa turetti looga bakka biraatti dubbatamu isaaniif immoo adda ta'etti barsiisonni yeroo gargaaraman gaafatanii hubachaa akka hin turredha. Kanaaf immoo ragaa kan ta'uu danda'u bargaaffii irratti hiika jechootaaf deebii isaan kennanidha. Kanaafuu akkuma barattoonni kun deebii isaanii kennanitti

waantonni akkasii kun yeroo isaan mudatutti barsiisaa isaanii gaafatanii hubachuun kan isaanirraa eegamudha. Yaduma kanaan kan walqabatus afgaaffii barsiisotaaf taasifame keessatti jechoonni addaa addummaa qaban karaa barattoota isaaniin yeroo isaan mudatutti haala kamiin hubatanii akka darbaa turan yaanni isaanii bifa ittaanu kanaan qaacceffameera.

Gabatee 11. Deebii bargaaffii barattootaa 7ffaa

Addaa addummaan loogaa wayita daree keessatti uumamutti walitti dhufeenyi barsiisaaf barattootaa maal akka fakkaatu.

T/L		Filannoo	Lak.	%dhaan
8	Addaa addummaan loogaa wayita uumamutti walitti dhufeenyi barsiisaa kee waliin qabdu maal ta'a jettee yaadda?	A.baay'ee ni laafa	56	23.3
		B.hanga ta'e ni laafa	148	61.5
		C .Baay'ee cima	24	10
		D.cimaa dha	13	5.2
		Ida'ama	241	100

Gabatee olii kanarraa waanti hubatamu barattoonni % 61.5 ta'an garaa garummaan loogaa yeroo uumamutti walitti dhufeenyi barsiisaa isaanii waliin qaban hanga ta'e laafuu akka danda'u deebii kennaniiru. Barattoonni %23.3 ta'n immoo walitti dhufeenyi barsiisaa waliin qabnu baay'ee laafaa ta'a jechuun deebii isaanii yeroo kennan, faallaa kanaa kan ta'an barattoonni % 10 immoo walitti dhufeenyi barsiisaa waliin qabnu baay'ee cimaa ta'a jechuun deebisaniiru. Akkasumas barattoonni % 5.2 ta'an immoo cimaa ta'a jechuun deebii kennan.

Yaada barattoota kanarraa waanti hubatamu looga addaa addummaa qabutti barsiisaan daree keessatti yeroo fayyadamu walitti dhufeenyi barataafi barsiisaa laafuu ni danda'a. Kun immoo barattoonni daree barnootaa keessatti naamusaan barnoota isaanii akka isaan hin hordofne taasisuu ni danda'a. Akkasumas barnoota kennamuufii sanarratti fedhii akka dhabaniif karaa banuu danda'a. Barattoonnis yeroo kanatti jeequmsa hin malle keessa seenuu akka danda'an beekamaa dha.

4.2.2.2 Bargaaffii dhiyaateefiirratti addaa addummaan loogaa yeroo isaan mudatutti haala barachuu isaanii irratti dhiibbaan inni qabu yaada cuunfaa barattoonni kennan

Looga addaa addummaa qabutti barsiisaan yeroo gargaaramu dhiibbaan inni qabu maal maalfaa akka ta'an, haala barachuu isaanii irratti keessumaa rakkoo maalii akka itti fiduu danda'u bifa armaan gadiin barattoonni deebii isaanii kennaniiru.

Haala baruufi barsiisuu keessatti barsiisaan jechoota nuuf haaraa ta'etti gargaaramee gaaffii yeroo nu gaafatutti deebii barsiisaan keenya barbaadu deebii quubsaa kennuuf ni rakkanna. Kun immoo jecha barsiisaan keenya yeroo tokko tokko itti gargaaramu irraa kan madduu dha jechuun barattoonni muraasni deebii walfakkaatu barreessaniiru. Itti aansuun immoo addaa addummaan kun yeroo uumamutti hirmaannaan nuti daree keessatti goonu ni laafa, akka dogoggorruufis karaa nutti banaa jechuun waan isaan mudataa ture ibsaniiru.

Inni kan biraan immoo naamusaan barsiisaa waliin wal dhaggeeffachuurratti dhiibbaa nutti fideera. Kunis akka fakkeenyaatti hima barsiisaan itti gargaaramaa ture keessaa “Arreedii koottu” kan jedhu keessatti jechi “arreedii” jedhamu kun nu biratti hin beekamu. Barsiisaan kun sababa jecha kana itti gargaarameef waanta inni jechuu barbaade yeroo sanatti hubachuuf hin dandeenye. Sababa kanaan kan ka'e gara kolfaatti yeroo jijjiirreerru qabna jechuun barattoonni kun deebisanii ibsataniiru.

Yaada kana waliin kan walqabatu irratti addaa addummaan kun karaa gama barsiisaa qofaan kan mul'atu otoo hin taane jechoonni akkasii kun karaa gama keenyaanis barsiisaa keenya irratti dhiibbaa fidaniiru. Kunis looga bakka keenyatti haasa'amutti yeroo gargaaramnu barsiisaan keenyi wallaaluurraan kan ka'e gara aaruutti yeroon isaan deebi'an ni jira. Sababni isaas, jechoonni nuti itti fayyadamnu sun arrabsoo waan itti fakkaateef jechuun deebii isaanii barattoonni kennan jiru.

Dhiibbaan kan biroon inni qabu immoo qabxii qorumsaa kan daree keessaaf kan biyyoolessaallee nu jalaa akka gadi bu'u ni taasisa jechuun yaada isaanii ibsatan. Akkasumas, qorumsa biyyoolessaa yeroo looga naannoo keenyaa ala ta'e qabaatu carraan deebisuu keenyaa

gadi bu'aa ta'a jechuun ibsaniiru. Dhiibbaan inni qabu kan biraan immoo yoon hiika jecha dubbatamu sana hin beekne taa'een waa'ee jecha sanaan yaada. Yeroo kanatti immoo barnootni barsiifamaa jiru sun hanga ta'e na jaalaa darba jechuun barataan tokko yaada isaa ibseera. Deebii barattootaa kanarraa waanti hubatamu loogni addaa addummaa qabu tokko yeroo isaan mudatutti dhiibbaa isaanirratti fiduu akka danda'udha. Dhiibbaan kunis daree barnootaa keessatti qofa kan daangeffamee hafu otoo hintaane dhimma dorgommii adda addaaf beeksisni baheellee yoo bakka biraa deeman hiika jechootaa wallaaluun rakkoo nutti uumuu danda'a jechuun sodaa gara fuula duraaf qaban illee ibsaniiru. Inni kan biraan immoo jecha isaanitti ulfaate tokko barsiisaa isaani gaafatanii hubachuu irra sodaatanii dhiisuun dhiibbaa itti fiduu akka danda'u deebii barattoota kanarraa hubachuun danda'ameera. Kunis jechoota isaan hin beeknetti barsiisaan yeroo fayyadamu gaafatanii hubachuun hiika jechichaa otoo hingaafatiin bira darbuun qabiyyee barnoota barataa jiran irratti dhiibbaa akka fiduu danda'udha.

4.3 Qaaccessa Afgaaffii Barsiisotaa

Qorataan barsiisonni mana barumsaa Sadarkaa Lammaffaa aanaa Haaruu haala addaa addummaan loogaarratti akka mana barumsaa isaaniitti waan isaan mudataa ture irratti ilaalchaafi yaada qaban irraa odeeffannoo funaaneera. Odeeffannoos barsiisota afaan Oromoo barsiisan dhiira 6 fi dhalaa 1 walumaagalatti barsiisota 7 kanneen looga garaagaraa irra dhufaniif afgaaffii dhiyeesseera. Ragaaleen barsiisota irraa argame xiinxalamee akkaataa armaan gadiitiin qaaceffamee akka dhiyaatu ta'eera.

4.3.1 Jechoota Barattoonni Itti Gargaaraman Ilaalchisee

Barattoonni daree keessatti irra caalaa jechoota akkamiitti fayyadamu? kan jedhuuf barsiisonni yaada isaanii yeroo ibsanitti odeeffannoon qorataan funaane haala armaan gadiin akka dhiyaate.

Barsiisonni gaaffii kanaaf deebii yeroo kennan barsiisotni 5 yeroo hedduu barattoonni jechoota ykn looga nannoo isaaniifi looga biroo gidduu garaagarummaa jiru hubannaa waan hin qabneef xiyyeeffannoo keessa looga waltawaa akka hin galchine yeroo ibsan, barsiisotni 2 immoo looga ofii beekan qofatti fayyadamu jechuun deebisaniiru. Akkasumas, jechoota al-idilee kan nuti hin beekne daree keessatti barattoonni isaanii akka fayyadamaa turan ibsaniiru. Fakkeenyaaf jechoota kanneen akka kullii, qaadiyaa, taabii, ro'oo, qara, sabrii, giidoo, xobbee, baroo, qoroo, qariyaa, saayiba, qaawwaa, qadaa, giroo, kalqii, yaama'uu, niyyaa, taatiyaaye, arbii, diqqa, fardii

kanneen jedhaman kana barttoonni isaanii jechoota kana yeroo adda addaa barsiisotuma kana waliin dubbii yeroo taasisanitti jechoota kana daree keessatti akka fayyadamaa turan ibsaniiru. Barsiisonni odeeffannoo kana yeroo kennanitti jechoonni olitti tuqaman kun yeroo jalqaba mana barumsaa kana dhufnetti jechoonni barattoonni keenyi itti gargaaramaa turan kun baay'ee nurakkisaa ture jedhaniiru. Sababni isaas nuti jecha kanaaf haaraa waan taaneef hubachuuf nu rakkisa ture jechuun yaada isaanii ibsaniiru. Jechootni kunis looga Afaan Oromoo irraa kan maddan qofa osoo hin taane jechoota ergisaa afaan biroollee haammata.

Akka qorataan barsiisota kanarraa adda baafatetti yeroo keessa jechoota kana hiikasaa haabaraniiyyuu malee yeroo barattootni itti fayyadaman looga waltawaa miti jedhanii hin sirreessan. Sababni isaaniis, loogni kun waltawaa miti jechuuf waan nu rakkisuuf jedhu, haata'ullee malee jechoota afaan biroo irratti xiyyeeffannoon akka barbaachisu nama hubachiisa.

Hiika jechoota kanaas akka itti aanutti qorataaf ibsan: kullii (yeroo hunda), aslii (haaraa)qaadiyaa (haala), taabii (ifaajee), ro'oo (meeshaa namoonni aannan ittiin raasan), qara (waan nama muru, diida), sabrii (obsa), giidoo (humna), baroo(gaarii), qoroo (itti gaafatamaa), qariyaa (nama mana namaa taa'u), saayiba (hiriya), qaawwaa (buna danfe, buna calla), qadaa (carraa), giroo (dhimma), kalqii (hedduumina agarsiisf nama hunda jechuu yeroo barbaadamutti kan itti fayyadamanidha), yaama'uu (joonja'uu, jooruu), niyyaa (fedhii), taatiyaaye (masliifa, nuffe, dhaqnaa dhabe), afootu (dhiifama), diqqa (akka tasaa), fardii (yeroo hunda) jechuun kan beekamanidha. Akka barsiisonni odeeffannoo kennanittis jechoota hammatuutiin ala jiran yeroo mara barattoonni daree keessatti itti gargaaramaa turani dha.

4.3.2 Adda Addummaan Looga Yeroo Barsiisota Mudatu Akkamiin Hubatanii Darbu

Akka barsiisonni jedhanitti jechoonni addaa addummaa qaban yeroo karaa barattootan isaan mudatu yaadrimee jechichaa haala galumsaa irratti hundaa'uun yeroon hubannutu jira jechuun yaada isaanii ibsanii jiru. Barsiisonni kaan immoo jechoota barattoonni itti gargaaraman keessaa haala galumsasaa irratti hundaa'uun kan namaaf hin hubatamne faallee akka jiruufi tilmaamuuf kan nama rakkisan ta'uu dubbataniiru. Akka fakkeenyaatti kan isaan kaasan keessaa “Namni giidoo qabaateef du'a hin oolu otoo jennee” jechi giidoo jennu kun qarshii dhamoo fira jechuudha akkasumas bareedina yaada jedhu keessa galuu ni dandeenya. Kanaafuu bakka tokko tokkotti yaadrimeesaa hubachuun kan nama rakkisudha jechuun yaada isaanii ibsanii jiru.

Barsiisonni muraasni immoo wayita jechoonni haaraa ta'an nu mudatanitti jechoonni kunneen hiiki isaanii maal akka ta'an daree keesatti barattootuma sana gaafachuun yerootti hubannutu jira jechuun yaada isaanii ibsaniiru. Yaada kanaan faallaa kan ta'e immoo barattoonni otoo haasa'aa jiranii gidduutti haasaa isaanii dhaabsisuun gidduu gallee hiika jecha nu rakkise sanaa yoo gaafanne yaadni barataan qabatee haasa'aa ture jalaa miliquu danda'a jennee waan shakkinuuf, otoo hin gaafatin yeroo bira dabarrutu jira jechuun deebiisaanii kennaniiru. Barsiisonni tokko tokko immoo jecha barattoonni itti gargaaraman kana yaadannooti qabannee yeroo mana gallutti hiriyoota keenyaafi namoota bakki dhaloota isaanii naannoo kana ta'e gaafachuun hiika jechoota kanaa hubachaa akka turan ibsaniiru.

Walumaagalatti barattootas ta'e barsiisonni jechoonni adda addummaa qaban yeroo isaan mudatutti daree barnootaa keessatti haala galumsa isaa irratti hundaa'uun hubachuun yoo danda'ameyyuu bakka ta'etti hiika jecha sanaa yoo wallaalan daree dhuma barnootaa keessatti wal hubachiisaa deemuun kan jajjabeeffamuu qabudha.

4.3.3 Itti fayyadama Looga Barsiisotaa Keessaa Barattootaaf Ifa Hintane Jiraachuuf Dhiisuu ilaalchisee

Barsiisonni kunneenis haala itti fayyadama isaanii keessatti rakkooleen tokko tokko akka isaan mudataa tures ibsaniiru. Kunis jechoota barsiisonni itti fayyadamn keessaa kan barattootaaf adda ta'e yeroo gargaaramnutti gara kolfaatti jijjiiruutu jira jechuun yaada isaanii ibsaniiru. Barsiisonni kun akka fakkeenyaatti waan isaan mudateeru yeroo kaasan jecha 'arreeedi' jedhutti fayyadame jennaan barattoonni hiika jecha kanaa wallaaluurraan kan ka'e natti kolfani jechuun barsiisota odeeffannoo kennan keessaa tokko yaadasaa ibseera. Akka odeeffannoo kennitoonni kun dubbatanitti jechoota kanatti wayita gargaaramnu barattoota kana ni rakkisa jennee hin tilmaamu. Sababni isaas waanti nuuf ifa ta'e tokko barattoota ni rakkisa jennee waan hin yaanneef dha jechuun ibsaniiru.

Haala amma ibsaa turan kana keessatti hiiki jechoota sanaa maal akka ta'an yeroo gaafatamaniitti bifa itti aanu kanaan hiika isaas ibsaniiru. Jechoota maqaalee torbanii keessaa 'Wiixata' kan jedhamu kun akka waliigalatti namoota biratti kan beekamu 'Dafinoo' jechuu akka ta'e fi gaaleen 'gabaa horroo' jedhu kun immoo 'Kibxata' ta'uusaa ibsameera. Inni itti aanu immoo jecha 'qaata' jedhu kun hiikti isaa waanta raawwatamee darbe tokko osoo hin taane

gocha gara fulduraatti rawwatamuuf jedhu qofa akka ibsutti hubatu. Jechi ‘maayii’ jedhu kun haala duubannu keessatti ‘gatii’ kan jechuu dhaaf kan bakka bu’udha jechuun ibsameera. Akkasumas jecha ‘hurufa’ jedhu (bakkee diriiraa), weessoo (meeshaa aannan ittiin raafamu) akka ta’e deebii odeeffannoo kennitoota irraa funaanameen kan argamedha.

4.3.4 Yaada Furmaataa Rakkoolee Addaa Addummaa Loogaf Baratootnif Barsiisotni Eeran

Akka barsiisotnifi barattoonni rakkoolee addaa addummaan loogaa yeroo isaan mudatu furuuf daree barnootaa keessatti walgaafatanii hubachuu akka qaban jechuun ibsan. Akkasumas Afaan Oromoo waltaawuu qaba yaada jedhu eeran. Kunis jechoonni Afaan Oromoo bakka garaa garaatti dubbataman kan hin waaltofne hedduutu jiru waan ta’eef rakkooleen asiin olitti ka’aa turan akka hin hedduummanneef loogni bakka garaa garaatti dubbataman kun bakka tokkotti guuramuun yeroo yerootti waalta’uu qabu, jechoonni kun waalta’uun immoo haala barachuu keenyaa nuuf saffisiisa jechuun barattoonni akka yaada furmaataatti kaa’aniiru. Dabalataanis baruullee adda addaa dubbisuun loogota hawaasa Oromoo biratti dubbatamu baruun nurraa eegama jedhaniiru.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA XUMURAA

5.1 Cuunfaa

Qorannoon kun addaa addummaa loogaa irratti kan gaggeeffame yoo ta’u, qorataan haala qabatamaa Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa aanaa Haaruu irratti xiyyeeffachuun qoratee dhiyeesseera. Qorannichis “ Xiinxala Addaa Addummaan Loogaa Hariiroo Barataafi Barsiisaa Irratti Qabu Kan Mana Barumsaa Aanaa Haaruu Irratti Xiyyeeffate” bu’uureffate yeroo ta’u, addaa addummaan loogaa barataafi barsiisaa gidduutti yeroo uumamu rakkoon akkamii akka isaan mudachuu danda’u adda baafachuuf qorataan daree seenee daawwachuu, barattootaaf bargaaffii qopheessee kennuun akkasumas afaaffii barsiisota waliin taasisuun odeeffannoo funaaname xiinxaluun hiikni itti kennamee akka qaaceffamu ta’eera. Addaa addummaa loogaa kanaarratti odeeffannoon funaaname boqonnaa arfaffaa keessatti tokko tokkoon akka hiikamaniifi qaaceffaman ta’ee jira.

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti kaayyoon qorannichaa galmaan akka ga’uuf qorataan mala qorannoo ‘Akkamtaafi hammamtaa’ tti kan fayyadame yoo ta’u iddattoo filachuurratti akaakuu iddatteessuu keessaa iddatteessuu mit-carraati. Iddatteessuu mit-carraa keessatti iddatteessuu kaayyeffataa fayyadamuun barattootaaf bargaaffii cufaafi banaa ta’e gargamuun akkasumas barsiisotaaf afaaffiin banaa karaa qorataatiin erga dhiyaatee booda odeeffannoon barattootaafi barsiisota Mana Barusaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Haaruu irraa funaaname qaaccessameera.

Qorannoo kana keessatti addaa addummaan loogaa barattootaafi barsiisota gidduutti kan mul’atu ta’uusaa adda bahee jira. Addaa addummaan kunis barattoota biratti baay’inaan kan mul’atu ta’ee, jechoonni kunis bu’uurri isaanii hawaasa barattoonni keessatti guddatan irraa kan maddu yeroo ta’u, jechoonni kaan immoo afaan biroorraa ergifachuun akka Afaan Oromootti yeroo itti fayyadamaa turan qorannoo kanaan bira ga’ameera. Jechoonni barsiisonni itti gargaaraman keessa kan barattoonni hin hubanne akkasumas faallaa dhuma kanaa kan ta’e jechi barattoonni gargaaraman barsiisota akka rakkisu ragaa argameen bira ga’ameera. Addaa addummaa kana keessatti jechoonni tokko tokko unki isaanii tokko ta’ee hiiki isaanii kan adda ta’e (masoo) yeroo ta’u kaan immoo unki isaanii tokko kan hintaane hubachuuf kan isaan rakkisaa ture ta’uu adda baheera. Jecha saalfii ta’ee beekamu yeroo tokko tokko akka uumamaa tureefi sababa kanaaf daree keessatti naamusni akka dhibamaa ture qorannoo kanaan bira ga’ameera. Addaa

addummaa kana keessatti rakkooleen tokko tokko uumamuu akka danda'anis qorannoo kanaan adda baheera. Rakkooleen kunneenis jechoota barattoonni gargaaraman keessaa kan barsiisotaaf hin hubatamne akkasumas, jechoota barsiisonni gargaaraman kan barattoonni hin hubatamne jiraachuu. Odeeffannoon qaama lamaan kana bira ga'u guutuu ta'uu dhabuu isaa daawwana daree, afgaaffii barsiisotaafi bargaaffii barattootaaf taasifamerra hubatameera. Akkasumas rakkoo wal hubannaa barataafi barsiisaa gidduutti fiduu kan danda'u ta'uusaa adda baheera. Addaa addummaa kana keessatti barsiisonni jecha barattoonni hin beeknetti yeroo fayyadaman yeroo tokko tokko haala barsiisaan keessatti dubbate hubachuuf akka rakkatan qorannoo kanaan eerameera.

Akka odeeffannoo argametti addaa addummaa loogaa kanaaf kan sababa ta'e bakki dhaloota barsiisotaafi barattootaa garaa gara ta'uun isa tokko ta'uudha. Akkasumas hubannaan waa'ee loogaa xiqqaa ta'uufi Afaan Oromoo irratti gama waaltinan kan hojjetamne ta'uu isaa sababa. Addaa addummaan kun yeroo uumamutti barataas ta'e barsiisaan daree barnootaa keessatti wal gaafatanii wal hubachuu akka qaban ibsameera. Kunis barataas ta'e barsiisaan jecha isaan rakkisuu danda'u tokko yeroo gidduu isaaniitti uumamu hiika jecha sanaa dareedhuma keessatti gaafachuun hubachuu akka qabanidha.

Walumaa galatti addaa addummaan loogaa hawwaasa afaan tokko dubbatu gidduutti kan uumamuufi kunis sababa mataasaa danda'en kan uumamu haa ta'uuyu malee barattootaaf barsiisota gidduutti rakkoo wal hubannaa uumuu danda'a.

5.2 Argannoo

Qorannoo kana keessatti ragaaleen barattootaafi barsiisota Mana Barumsaa Sadarkaa lammaffaa Aanaa Haaruu irraa argaman boqonnaa afur jalatti xiinxalamani hiikni itti kennamee akka qaacceffaman ta'eera. Xiinxalliifi hiikni ragaa argame kun yoo qaacceffamu kaayyoo qorannichaarratti hundaa'uun yaada goolabaarra ga'uun danda'ameera. Kunis qorannoo kana keessatti akka argannoo qorannichaatti ta'ee jira. Haala kanaan xiinxalaafi waan hiikni ragaa mul'isu bu'uureffachuun qorannoo kana keessatti argannoowwan armaan gadii qorannoo kanaan argamaniiru.

- Qorannoo waa'ee addaa addummaan loogaa hariiroo barattaafi barsiisaa irratti qabu kan jedhu irratti xiyyeeffachuun akka mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Aanaa Haaruutti addaa addummaan kun barataafi barsiisaa gidduutti kan mul'ataa turedha. Addaa addummaan kunis baay'inaan barattoota biratti kan mul'atu yoo ta'eyyuu barsiisota birattis kan uumamaa turedha. Jechoonni barattoonni itti gargaaraman bu'uurumaan kan hawaasa keessatti guddatan irraa argataniifi kan afaan biroorraa ergifatanidha.
- Bariisotaafi barattoota biratti loogni isaan beekan akka waltawaatti hubachuu, loogaafi kitaaba barnootaa hubannoo keessaa galchuu dhabuu.
- Haala itti fayyadama jechootaa kan barsiisaas ta'e barattootaarratti jechoonni unki isaanii tokko ta'ee hiikti isaanii adda adda ta'e kan isaan mudachaa turedha.
- Sababa addaa addummaa jechootaarraan kan ka'e rakkooleen tokko tokko barsiisaas ta'e barataa mudachaa tureera. Rakkooleen kunis odeeffannoon barsiisaafi barataarra maddu wayita barataa yookiin barsiisaa bira ga'u gaatuu ta'uu dhabuu, rakkoo wal hubannaa barataafi barsiisaa gidduutti uumuusaa.
- Addaa addummaa loogaa kanaaf kanneen sababa ta'an barsiisonniifi barattoonni bakki guddina isaanii looga adda adda irraa ta'uu,
- Addaa addummaan loogaa daree barnootaa keessatti barataas ta'e barsiisaa yeroo mudatutti qaamni lamaan kun yeroo tokko tokko otoo hin hubatiin bira darbaa akka turan qorannoo kanaan eerameera.

5.3. Yaada Furmaataa

Ragaalee argaman qaaccessuun gaaffilee bu'uuraaf deebii kan argamsiisan irratti hundaa'uun yaada furmaataa kennuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan qaamoleen dhimmi kun ilaallatu kanneen akka barattootaafi barsiisotaa akkasumas beektonni sadarkaa Yuunivarsiitii Oromiyaarra jiran waa'ee addaa addummaa loogaa kanaarratti xiyyeeffannoo akka itti kennan gaafata. Rakkoolee mul'atan kana xiqqeessuuf qabxiileen armaan gadii ilaalcha keessa galuu qabu:

- Barataafi barsiisaa gidduutti addaa addummaan loogaa yeroo uumamutti barataas ta'e barsiisaan bakka tokko tokkotti haala galumsa isaaniiratti hundaa'uun darbee darbee hubachuun yoo danda'ameyyuu bakka hubatamuu hin dandeenyetti daree dhuma barnootaa keessatti otoo walhubachiisaa deemanii gaarii ta'a .
- Barsiisonni jechoota waaltawoo ta'an irratti xiyyeeffachuu qabu. Waaltinni guddina afaaniif murteessaa dha.
- Qorannoon looga naannoo irratti xiyyeeffate geeggeeffamee barsiisonni dubbisani hubachuu akka danda'anitti mana dubbisaa keessa otoo taa'ee gaarii ta'a.
- Yuunivarsiitonni Oromiyaa keessa jiran looga hawaasa Oromoo bakka garaa garaatti argaman irratti qorannoo gaggeessuun bakka tokkotti walitti guuruun bifa kitaabaatiin maxxansuun barattoonniifi barsiisonni akka irraa gargaaraman otoo ta'ee hubannoo gahaa barataafi barsiisaaf kennuu ni danda'a.
- Addaa addummaan loogaa bakka garaa garaatti akka hin hedduumanneef koreen waaltinaa of danda'e jiraachuu qaba.
- Akka Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Aanaa Haaruutti barattoonni jechoota afaan biroorraa ergifachuun Afaan Oromootti makuun itti gargaaramu. Haata'u malee jechoonni Afaan Oromoo jechoota ergifaman kana kan bakka bu'an ni jiru. Kanaafuu kan ofii otoo jiruu afaan biroorraa ergifachuun adeemsa keessa gara jechoota ofii dagachuutti nama geessuu waan danada'a.
- Barattoonniifi barsiisonni haala itti fayyadama jechoota isaanii keessatti bifa salphaa ta'een akka wal hubachuu danda'aniif irra caalaa jechoota waaltawootti osoo gargaaramanii adeemsa baruufi barsiisuu isaanii akka milkaa'uu taasisuu ni danda'a.

Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Alem Printing press.
- Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading plc.
- Baye Yimam (1986) .*The Phrase Structure of Ethiopian Oromo*. London: University of London, School of Oriental Studies.
- Bell, J. (2004). *Doing your research project*. (3rd ed.). London: Open University press.
- Bender, M. L. et al. (1976 a). *Language In Ethiopia*. London: Oxford University Press.
- Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa. (2005). *Wiirtuu jildii kurnaffaa*. Finfinnee: Mana maxxansaa Biraannaa.
- Bloomfield , L. (1935). *Language*. Landon: George Allen Unwin.
- Brown, D. (1994). *The Principle of Language Learning*. NY: Cambridge University Press.
- Creswell, J. (2003). *Research Design: Qualitative, quantitative and mixed methods approach*. UK: Sage.
- Crystal, D. (1987). *Publication, Inc. The Cambridge encyclopedia of language*. Cambridge: Cambridge University Press.
- _____. (2006). *Oxford Advanced Learner's Dictionary*. (7th ed.). Oxford: Oxford University press.
- Feyisa Dame. 1994. “Historical Challenges in the Development of Oromo Language and Some Agenda for Future Research”. *Journal of Oromo Studies*, Middle Tennessee state University, vol.3, No.1-2.PP. 88.
- Kin, V. (1989). *Language and Lingistics*. United State: Haine and Thomson.
- Geetaachoo Rabbirraa (2012). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbta Maxxansaa Kurraaz.
- Guptas, S. (2007). *Research Methedology and Statistical Techniques*. Rajouri garden:

NewDelhi.

Hudson, R.A. (1980). *Socio Linguistics*. (1st ed.). Cambridge: Cambridge University Press.

Jhingran, D. (2005). *Language Disadvantage*. Ansary: Newdelhi.

Jurafsky, D. (2000). *Speech and Language processing*. Prentice Hall.

Kinsella, K. (2010). *Academic Language Function*. Retrieved February 27, 2014, From
[http:// www. mind set.com. za/ academic language. htm](http://www.mindset.com.za/academiclanguage.htm).

McNabb, D, E. (2008). *Research Methods In Public Administration and Non Profit Management*. India: Mudrak.

Mekonen Hunde. (2002). *Lexical Standardization in Oromo*. A thesis Submitted to School of Graduate Studies. Addis Ababa University

Misgaanuu Gulummaa (2011) *Tuujjuba*: Finfinnee: Oromiyaa. Subi printing Press

Salzmann, Z.(2007). *Language,Culture and Society*.West view press, USA

Scott , W. and Deirdred, D. (2009). *Research Methodology for Every day Life*. San Francisco: Jossey Bass Publisher.

Tamane Bitima. (2006) Wallo Oromo Dialect. Humboldt University, vol. 13 pp 148-151.Berlin.

Teferi Niguse. (1999). *Origin and Development of Oromo Literature*. AA: Addis Ababa University, (Un published MA thesis).

Trudgill, P. and Chamber, K. (2004). *Dialectology 2nd ed* . Cambridge: Cambridge University press.

Yule, G. (2006). *The Study of Language (2nd ed)*.Cambridge: Cambridge University Press

Wiley, J. (1977). *Sampling Techniques (3rd ed)*. Toronto: Harvard University.

Wolfram, W. et al.(1999). *Dialects in Schools and Communities*. Mahwah: Lawrence Erlbaum Associates, INC

Dabalee “A”

Cheekliistii Daawwannaa

Cheekliistiin kun daree barnootaa keessa yeroo garaa garaa seenuun barattooniifi barsiisotni looga addaa addummaa qabanitti fayyadamuufi dhiisuu isaanii adda baafachuun, haala daawwannaa kanarratti hundaa’uun immoo bu’aa fi miidhaa looga garaa garaatti fayyadamuun qabu adda baafachuuun xiinxaluuf kan oolu dha.

1. Daree barnoota Afaan Oromoo keessatti barataafi barsiisaan looga addaa addummaa qabanitti fayyadamuufi dhiisuu isaanii adda baafachuu.
2. Addaa addummaan loogaa ni mul’ata yoo ta’eef jechoonni sun looga naannoo fi afaan biroo ta’uu isaanii adda baasuu
3. Garaa garummaan kun barataas ta’e barsiisaa biratti nimul’ata yoo ta’e gareen kun lamaan hiika jechichaa walgaafatanii wal hubachuu isaanii adda baasuu
4. Haala itti fayyadaminsaa kanaa keessatti rakkooleen uumaman jiraachuu fi dhibuu isaanii adda baasuu
5. Looga barattoonni fi barsiisonni daree keessatti fayyadaman yaadannootti qabachuu.

Dabalee “B”

Gaaffilee Bargaaffii Barattootaaf Dhiyaatu

Hubachiisa

Kaayyoon gaaffilee kanaa Yuunivarsiitii Jimmaatti Sagantaa barnoota Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Mataduree Qorannoo “Garaa garummaan Loogaa Hariiroo Barataafi Barsiisaa Irratti Qabu Haala Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa aanaa Haaruu keessatti qabu xiinxaluu” irratti kan Xiyyeeffate dha.

Qajeelfama

Gaaffilee armaan gadii akkaataa qabatamaa mana barumsaa keessaniitti “Garaagarummaan loogaa barataafi barsiisaa” irratti qabu muuxannoo qabdan irraa ka’uun akka naa deebistan kabajaan isin gaafadha . Yaada gaaffilee kanarratti hin tuqamnes itti dabaluu nidandeessu .Deebii keessan sanduuqa fuulleetti argamu tokkoosaa keessatti mallattoo X godhaa. Bakka duwwaa kennamee jiru irratti yaada keessan guuttadhaa.

1.Daree barnootaatti keessatti barsiisaan Afaan Oromoo jechoota ati beektutti yeroo hundumaa ni fayyadamaa ? Eeyyee Lakki

2. Barsiisaan Looga nannoo keerra adda ta’etti yeroo gargaaramu hiika jechichaa hubachuun

A . Baay’ee ni cima B. Hanga ta’e Nicima

C. Bay’ee nilaafa D. hin cimuu

3.Jecha barsiisaan daree keessatti gargaaramu jecha ati beektu waliin uunkisaa tokko ta’ee hiiktisaa adda adda ta’e si mudateeraa ? Eeyyee Lakki

4.Eeyyee yoo jette kanneen akkamiiti? _____

5. Looga naannoo keetti dubbatamurraa adda ta'etti barsiisaan Afaan Oromoo daree keessatti wayita fayyadamu walitti dhufeenyi barsiisaa kee waliin qabdu maal ta'a ?

- A . Baay'ee nilaafa B. Hanga ta'e ni laafa
C. Baay'ee cima D. Cimaadha

6. Barsiisaan daree keessatti jecha naannoo keetti dubbataman irraa addaa ta'etti yeroo gargaaramu odeeffannoon barsiisaa irraa ka'ee sibira ga'u maalfakkaata?

- A. Odeeffannoo guutuutu na bira ga'a
B. Odeeffannoo ciccitaatu na bira ga'a
C. Guutummaan guutuutti odeeffannicha waa'ee maalii akka ta'e hubachuu hindanda'u

7. Looga addaa adummaa qabanitti barsiisaan kee wayita fayyadamu akkamiitti waa'ee yaadrimee jechichaa hubatee darbita?

- A . Hiika jechichaa yeruma sana barsiisaa gaafadheen hubadha
B. Adeemsa keessa nama biraa gaafadheen hubadha
C. Otoo hingaafatiin bira darba

8. Barsiisaan wayita si barsiisu looga naannoo keetimoo looga haaraa osoo gargaaramee si barsiisee wayya?

- A. Looga ani beeku B. looga haaraa

9. Gaaffii torbaffaa jalatti deebiinkee yoo jechoota idileeti gargaaramee sibarsiisuudha ta'e Maaliif? _____

10. ***Gaaffilee armaan gadii haala galumsa isaaniin hiika ni ta'aaf jettu deebii filadhu.***

1. Barsiisaan barattoota isaa "abbaltii keessan gaafa **gulana** ilaalla" yoo isiniin jedhe. Hiiki jecha jala sararamee?

A. Waaree dura B. yeroo dhufu C . Wiixata D. Jimaata

2. Barsiisaan “Gurbaa **gabula** sana naaf waami” jedhe . Jechi jala sararame hiiki isaa?

A .Furdaa B . Qal’aa C . Dheeraa D . Gabaabaa

3 . Barsiisaan daree keessa dhaabbatee dhaqiitii **cafaqaa** naa fidi jedhe. Jechi jala sararame

hiikti isaa? A . Boronjii B . Muka C. Ulee qal’oo D. dhagaa

4 . Sirbi **yeroo waaffalaa** sirbamu haamilee namootaa kakaasuuf jecha kan namootni

sirbanidha. Gaaleen jala sararame hiikti isaa maali?

A . Yeroo dabaree B. Yeroo cidhaa C .Yeroo daadoo D . Yeroo daboo

Gaaffiilee armaan olii irratti hiika jechoota kanaa yoo hin beekne haala barachuu keerratti rakkoo maalii natti uume jettee yaadda ?

Galatoomaa

Dabalee “C”

Gaaffilee afgaaffii barsiistotaaf dhiyaatu

Hubachiisa

Kaayyoon gaaffilee kanaa Yuunivarsiitii Jimmaatti Sagantaa barnoota Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Mataduree Qorannoo “Garaa garummaan Loogaa Hariiroo Barataafi Barsiisaa Irratti Qabu Haala Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa aanaa Haaroo keessatti qabu xiinxaluu” irratti kan Xiyyeeffate dha.

Qajeelfama

Gaaffilee armaan gadii akkaataa qabatamaa mana barumsaa keessaniitti “Garaagarummaan loogaa barataafi barsiisaa” irratti qabu muuxannoo qabdan irraa ka’uun akka naa deebistan kabajaan isin gaafadha. Yaada gaaffilee kanarratti hin tuqamnes itti dabaluu nidandeessu .

1. Daree barnootaa keessatti barattootni kee irra caalaa jechoota akkamiitti fayyadamu?
2. Daree ati barsiistu keessatti barattootni jechoota ati beektutti hagam fayyadamu jettee yaadda? Jechoota ati itti fayyadamtu keessaa kan hingalleefii jiraa?
3. Jechoota ati beektu waliin addaa addummaa kanneen qabanitti wayita barataan gargaaramu akkamiitti hubattee darbita?
4. Haala baruufi barsiisuu keessatti barataan jechuma ati beektu waliin uunkisaa tokko ta’ee hiiktisaa immoo addaa addummaa kan qabu yeroo fayyadamu si qunnameeraa? Eeyyee yoo jette fakkeenyaaf kanneen akkamiiti?
5. Addaa addummaa kana keessatti walhubannoon dhibame jennaan maalfaatu ta’ee beeka?
6. Rakkoo akkasiif falli isaa maalidha jetta?